
# BARIISAA

Bara - 46 Lak. 36 Bariisaa Onkoloolessa 3 , Bara 2016 **Sanbataa** (October 14 , 2023) Qar. 10.00







# Pirojektii Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii:

## Kennaa ji'a Onkoloolessaa ummanni ofii kennu

- Pirojektichi dhuma ji'a kanaatti eebbifama jedhamee eegama

**Saamraawiit Girmaatiin**

**Finfinnee:** Qaama pirojektii "Maaddii Biyyaaf" keessaa tokko kan ta'e, ijaarsi marsaa jalqabaa pirojektii Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii dhuma baatii Onkoloolessaa bara 2016tti xumuramee akka eebbifamu qindeessaan pirojektichaa ibsan.

Qindeessaan pirojektichaa Obbo Dhaabaa Jinfeessaa gaafdeebii dheengadda Gaazexaa Bariisaa wajjin taasisaniin akka jedhanitti, pirojektiin meegaa Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii marsaa tokkoffaa waggaa lamaafi ji'a ja'a keessatti baasii qarshii biliyoona afuriin xumuruuf karoorfamee, bu'uuruma qabameen xumuramee dhuma ji'a kanaa eebbisiisuuf qophii guutuun taasifamuu himu.

Pirojektichi daandii kiiloo meetira 42 hanga Haroo Dandiitti fagaatu, piikinikiiwwan guguddaa (bakkeewwan qubata bashannanaa) afur, bakka meeshaa daaw'itiirraa hojjetamerra dhaabatanii gadi daaw'atan, balbala seensaa duudhaa Oromoo mul'isu, suuqiiwwan, baankii, manneen nyaataa, mana bunaa, loojiiwwaniifi

*Gara fuula 14tti*



# Guyyaan alaabaa

## sadarkaa biyyaatti iftaan kabajama

**Gammachuu Kadiriin**

**Finfinnee**: Guyyaa alaabaa marsaa 16ffaan sadrkaa biyyaatti Wixata iftaanii akka kabajamu Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa ibse.

Guyyichichi mataduree, "Olka'iinsi alaabaa keenyaa wabii tokkummaa sabdaneessummaafi birmadummaa keenyaati" jedhuun sadarkaa biyyaatti akka kabajamu eereera.

*Gara fuula 4tti*

# "Garaagarummaa yaadaatiif waraanni filannoo ta'uu hinqabu"

*- Pirezidaanti Sahaalawarqi Zawudee*

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee**: Garaagarummaan yaadaa akka biyyaatti jiru yoo mariinuu furmaata argachuu baate waraanaa filannoo taasifachuun balaa guddaa ta'uu Pirezidaantiin Itoophiyaa Sahaalawarqi Zawudee hubachiisan.

Pirezidaanti Sahaalawarq kana kan hubachiisan Wiixata darbe wayita yaa'ii idilee 6ffaa bara hojii 3ffaa yaa'ii waloo Manneen Marii Bakka Bu'oota Ummataafi Federeeshinii haasawaan bananitti.

Dhimmi isaan irradeddeebiin haasaasaanii keessatti kaasan waa'ee nageenyaafi tokkummaa ummattota biyyaattiiti. Garaagarummaa yaadaa mariin furuu dadhabuurraa kan ka'e waraana waliiniitti seenuun wareegama qaalii kaffaluuf garaa jabaachuu dubbataniiru.


Waraanni daran hamaan bara darbe Itoophiyaa kaabaatti mudate badii labbuu hedduufi mancaatii qabeenyaan godaannisa fokkisaa kaa'ee darbuu yaadachiisanii;



gaaga'ama caalu maqsuuf qajeelfama "Rakkoo Afrikaa Afrikaadhaan" jedhuun waldhabdee ture furuun yeroo ammaa boqonnaa deebisanii dhaabuurratti argamuun injifannoo olaanaadha jedhan.

Itoophiyaa ammayyoomteef kan barbaachisu marii qofa. Qorqalbiin gootummaa waraanaa

*Gara fuula 14tti*








# "Federaalizmiin sabdaneessaa sirna roorroofi qabsoon barootaa dhaleedha"

*- Obbo Garasuu Tufaa*

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee:** Ittiyaadamees haa ta'u dogoggoraan seenaafi seenessi biyyaa irra jireessaan miidhama sabootaan kan dabaalamedha. Ijaarsi biyyattiis caba lafeefi dhangala'uu dhiigaan yayyabamuun hudhaa dhaloota har'aa ta'eera.

Rogeessi miidiyaafi Daarektarri Sagantaa Dhaabbata 'initiative for change' jedhamu Obbo Garasuu Tufaa barbaachisummaafi hanqina

*Gara fuula 14tti*

# ODUU

## "Dhimma qulqullina barnootaarratti mariin qooda fudhattootaafi hayyootaa murteessaadha"

### - Doktar Birhaanamasqal Xannaa

**Gammachuu Kadiriin**

**Finfinnee**: Barattoota qormaata kutaa 12ffaa bara 2015 fudhatan keessaa qabxii darbiinsaa kan galmeessisan dhibbantaa 3.2 qofa ta'uun hawaasa biratti rifaatuu guddaa uumeera.

Waantota kufaatii barattootaatiif sababa ta'aniifi kallattii furmaataa ilaalchisee Dhaabbatni Pireesii Itoophiyaa Pirezidaantii Yunivarsitii Barnootaa Kotobee Doktar Birhaanamasqal Xannaa waliin turtii taasiseera.

Akka ibsasaaniitti, manneen barnootaa bara darbe barattoota kutaa 12ffaa qoran keessaa kumni tokkoofi 161 barataa tokkollee hindabarsine. Otoo kufaatii kana fooyyessuuf hojjetamuun maluu baranas inumaayyuu manneen barnootaa kuma tokkoofi 329 qabxii gadaanaa galmeessaniiru. Yeroo dhibbantaadhaan ibsamu barattoonni qabxii darbiinsaa argatan dhibbanta 3.2 yoo ta'an, dhibbantaa 96.8 qabxii 50 gadi galmeessisuun rifaatii uumeera.



Firiin waggoota lamaan darbanitti galmaa'es qooda fudhattoonni barnootaa (maatii barataa, manneen barnootaa, waajjiraaleefi biirolee barnootaa, ministeera barnootaa) ga'eesaanii akka hinbaane mul'isa jedhaniiru.

Rakkoo kana keessaa ba'uuf qooda fudhattoonni barnootaa ga'eesaanii sirnaan bahachuu qabu. Keessumaa, maatiin barattootaa ijoolleesaaniif waan barbaachisu guutuufiidhaan beekumsatti akka madaqaniif hordoffii gochuu qabu.

Hooggansi manneen barnootaa gama isaatiin barsiisaa wayitii barnootaa osoo hingubin kuatannoodhaan jijjiirama barattoota irratti fiduuf tattaafatu yerootti adda baasuun qulqullina barnootaa mirkaneessuuf hojjechuu qabu jedhaniiru.

Waajjiraafi biiroon barnootaa supparviishinii gaggeessuun bakka hanqinni jirutti leenjii barbaachisaa kennuu akka qaban himanii; minsiteerri barnootaa tarsiimoo kufaatii qulqullina barnootaa hir'isu bocuun paakeejiiwwan qulqullina barnootaa ja'an madaalaa deemuu akka qabu ibsaniiru.

Dabalataanis, qorannoon manneen barnootaafi sirna qormaataa gaggeeffamuu qaba. Keessumaa manneen barnootaa barattoota dabarsan akkamitti akka dabarsan kanneen kufaatii galmeessan akkamitti kufaatii akka galmeessisan qorannoodhaan adda ba'uu akka qabu ibsaniiru.

Qorannoo manneen barnootaa barataa dabarsaniifi kufaatii galmeessan gaggeessuuf manni barnootaa saayinsii Ardee Kotobee kan Yuunivarsitii Kotobeen deeggaramu bara darbe gutummaan dabarsuufi barana barataa sadii qofti qabxii gadaanaa fiduu akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Akka ibsa isaaniitti, "Kotobeen maal hojjetee sadarkaa kanaan ga'e. Manneen barnootaa kufaatii qaqqabsiisan maal osoo hin hojjetin hafanii kufaatii galmeessan" gaaffiin jedhu qorannoon deebi'uu qaba jedhaniiru. Kana malees, qormaatni dhiyaate sunis sirriifi sirrii ta'uu dhabuunsaa ilaalamuu qabas jedhaniiru.

Milkaa'ina Kotobee keessaatti qooda fudhattootni barnootaa maal hojjetan kan jedhu sirriitti adda ba'ee kufaatii sirna barnootaa amma jiru cabsuun garafuulduraatti tarkaanfachuun akka danda'amu ibsaniiru.

Kufaatiin qulqullina barnootaa hawaasa mufachiise hir'isuuf qorannoo manneen barnootaafi sirna qormaataarratti xiyyeeffate akkasumas, mariifi hirmaannaan qaamolee qooda fudhattootaafi hayyootaa murteessaa ta'uu hubachiisaniiru.

## Godinichatti omishni baala shaayii aanaa tokko qofa ture gara aanaalee 10tti babal'ateera

**Taammiruu Raggaasaatiin**

**Finfinnee:** Godina Iluu Abbaa Booritti omishni baala shaayii aanaa tokko qofa ture faayidaasaarratti hundaa'uun gara aanaalee 10tti babal'isuun akka danda'ame Waajjirri Qonna Godinichaa beeksise. Godinichi ofirra darbuun godinaalee Oromiyaa kaaniif biqiltuu baala shaayii arjoomuu ibseera.

Hogganaa Ittaanaan waajjirichaa Obbo Chaalaachoo Addunyaa ibsa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, bara 2013, Yeroo inisheetiviin baala shaayii jalqabametti godinichatti aanaa Aallee qofatti hojiin misooma baala shaayii kan jalqabame yommuu ta'u, hojii misoomicha babal'isuuf karoorfameen barana aanaalee 10tti babal'achuu ibsaniiru.

Kanaan dura qonnaan bultootni 300 ta'an lafa heektaara 321 irratti hojii omisha baala shaayiirratti bobba'uu eeranii, bara omisha 2015/2016tti immoo biqiltuu miliyoona 204 lafa hektaara kuma 15 irratti misoomsuuf karoorfamee hojjetamaa jira jedhan.

Biiroo Qonnaa Oromiyaatti inisheetivii bocamanii waajjirasaaniif gad bu'an keessaa tokko inisheetivii omisha baala shaayii ta'uus himanii; godinichi godina dhangaggaa'ummaan biyyoo baay'inaan itti mul'atu waan ta'eef omisha baala shaayiif daran mijataa ta'uu ibsaniiru.

Baalli shaayii gaafa omishnu faayidaa dachaa arganna: kunis omishichaan galii qonnaan bulaafi biyyaa dabaluufi dhangaggaa'ummaa biyyoo hir'isuuf akka ta'es himaniiru.

Godinni kanaan dura biqiltuu baala shaayii bitaa turuu eeranii; innisheetiivii sadarkaa naannootii gad bu'etti qixa sirriin fayyadamuun yeroo ammaa godinichi ofirra darbuun bara darbe qofa biqiltuu baala shaayii kuma 500 godinaalee Oromiyaa kaaniif arjoomeera jedhaniiru

Qonnaan bultootni omishicharratti bobba'anis rakkoo walitti hidhamiinsa gabaa waan qabaniif omishasaanii gatii daran gadaanaa ta'etti gurguraa jiru jedhanii; rakkoo kana furuuf qonnaan bultootni warshaa omisha shaayii qindeessu akka qabaataniif karoorfamuu dubbataniiru.

## Saffisa guddina dinagdee biyyattiif buufata doonii qabaachuun murteessaadha

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee:** Biyya guddinni dinagdeefi lakkoofsi ummataa saffisaan dabalaa jiru, Itoophiyaaf buufata doonii dhabuun qormaata guddaadha. Waldhabdee siyaasaa barootaaf turan karaa bilchina qabuun furuu dhabuun biyya yeroo tokko ulaa ittiin addunyaatti gad baatu qabdu akka dhabdu taasiseera.

Pirezidaanti Sahaalewarqi Zawudee haasaa Wixata darbe sirna baniinsa yaa'ii waloo Manneen Marii Bakka Bu'oota Ummaafi Federeeshiniirratti taasisaniin, dippiloomaasiin diina xiqqeessuun fira baay'isuufi fayyadamummaa waloorratti hundaa'e hojiitti hiikuun toora xiyyeeffannaa mootummaa ta'uu ibsanii; dhimmoota daangaa biyyoota ollaatiin walqabatanis karaa nagaan goolabuuf akka hojjetamu hubachiisaniiru.

Yuunivarsiitii Haramaayaatti hayyuun saayinsii siyaasaafi hariiroo idil addunyaa Doktar Immiruu Gammachuu Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf ibsa kennaniin akka jedhanitti, calaqqeen milkaa'ina hariiroo alaa nageenya keessoo waan ta'eef irratti hojjetamuu qaba.

Itoophiyaan ummata miliyoona 120tti hiiquufi qabeenya uumamaa bal'aa qabaachuu qofaan salphaatti gulantaa aggaamte ga'uu waan hindandeenyeef buufata doonii argachuuf hojiin dippiloomaasii cimaan hojjetamuu qaba.

Itoophiyaan omishaaleeshee karaa buufata doonii Jibuutii gabaa addunyaatti baasuuf mootummaa Jibuutiif waggaatti doolaara biliyoonaan lakkaa'amu kaffalti. Hanguma omishaaleen ergaman dabalu baasiin Jibuutiif kaffaltu waan dabaluuf faayidaan argattu daran xiqqaata jedhaniiru.

Itoophiyaan abbummaa buufata doonii Barbaraa Somaaliilaandi dhibbantaa 19 qabaachuun jalqabbii gaarii ta'uu eeranii; buufata doonii Laamuu Keeniyaa misoomsuuf Sudaan Kibbaafi Keeniyaa sochiin eegalte jabaatee ittifufuu qaba. Buufa doonii Sudaan fayyadamuufis akka filannootti ilaalcha keessa galuu akka qabu dubbataniiru.

Hundaa ol garuu buufata doonii Eertiraa fayyadamuun karaa heduun bu'aaqabeessa ta'uu himani; kana milkeessuufis hojiin dippiloomaasii bilchaataafi seera qabeessi diriiruu qaba. Anniisaa elektiriikii dabalatee haalatti omishaaleen Itoophiyaa Eertiraaf dhiyaaturratti akkasumas haalatti omishaaleen Eertiraa carraa gabaa guddaa Itoophiyaa keessa jirutti dhiyaaturratti waliigaltee uumuun barbaachisaadha jedhaniiru,

Itoophiyaan biyyoota ollaasheetiif anniisaa elektiriikii qooduun ala gama daldalaatiin hariiroo faayidaa waloo mirkaneessaa jiraachuu ibsanii; anniisaa qofaan osoo hintaane omishaafi omishtummaa dabaluun gabaa biyyoota ollaa keessatti dhiibbaa uumuu akka qabdus hubachiisaniiru.

Keeniyaarraa kan hafee daangaa Itoophiyaan biyyoota ollaa waliin qooddattuu daangeffamnisaa kan xumurame miti. Haaluma kanaan dhimmi Sudaaniifi Eertiraa waliin furamuu qabu akka jiru ibsanii; ta'us rakkoon daangaan walqabatu kun rakkoo



*Doktar Immiruu Gammachuu*

gangalataa ta'uun ala wayita rakkoon keessoo mudatutti ajandaa duraa taasisuun barbaachisaa akka hintaane yaadachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, dhimma daangaa yeroof tursuun rakkoolee biyyoota ollaatti mudachaa jiraniifi Itoophiyaa gaaga'uu danda'an maqsuuf tarkaanfii barbaachisuun qaama furmaataa ta'anii dhiyaachuun dhimma ijoo ta'uu qaba. Rakkoo keessoo furuun ummataa daandii misoomaafi nageenyaarra hiriirsuunis dhimma ijoo isa birooti.

# Ijoo Dubbii

## Mariif dursa kennuudhaan tokkummaa daneessummaa cimsuu

Oggaa seenaa biyya keenyaa duubatti deebinee mil'annu haalota adda addaa hubanna. Tokkummaadhaan rakkoolee danuu ceenee eenyummaa keenya eegsifanneerra.

Walkabajneefi walii yaadaa walummaan baroota ceeneerra. Gamtaadhaan dhaabannee waltaanee diinota biyya keenya weeraranii jilbeeffachiisuuf socho'an qaanessineerra. Fedhii ibsamawwan qaroominaa guguddoo cimsineerra.

Ummata addunyaatiif ogummaa, falaasama, seera, sanyiiwwan midhaaniifi jaarmiyaaleefaa arjoomneerra. "Lakki hinbitamuuf" fakkeenya ta'uun ummatoonni gurraachi daangaa hanga daangaatti bilisummaasaaniif akka socho'aniif hafuura gootummaa uumneerra.

Gama kaaniin ammoo fedhii biyyaalessaa hunda keenya waliigalchiisuu danda'u uumuu hindandeenye. Seenessa hunda keenya walittiqabuu danda'u ijaaruu dadhabneerra. Sirna mootummaa hunda keenya biratti fudhatama qabu cimsuurrattis danqamneerra.

Qoqqoodamnee, adda addummaa waldandeessisuu dadhabnee walittibu'iinsa waliiniifi waraanatti seenuun akka biyyaatti gatii maaliinuu bakka hinbuufamne kaffalleerra; ammas kaffalaa jirra.

Qabeenya akka biyyaatti qabnutti fayyadamuu dadhabnee hiyyummaadhaan gidiraa argaa jirra. Sababuma kanaan warra bifoota lamaa taaneerra. Bifi tokko, seenaa, uumama, aadaafi teessuma lafaa waa hundaaf mijataa ta'e qabaachuu keenya.

Bifti biraan qabeenyawwan kanneenitti fayyadamuurra walitti bu'uun, walqooduufi ofumaan of barbadeessuu keenya kan agarsiisuudha. Kanaafuu, waantota ciminaafi haalota gaarii keenya balleessan; qabeenya qabnutti sirnaan akka hinfayyadamne nu taasisan, dhaloota maseensaniifi gochoota haalota gaarii keenya balleessan sirreessuu qabna.

Pirezidaantiin Mootummaa RFDI, Saahilawarqi Zawudee haasaa sirna baniinsaa yaa'ii waloo Manneen Marii Bakka Bu'oota Ummataafi Federeeshiniirratti Wixata darbe taasisaniin akka dubbatanitti, cabiinsawwaniifi adda addummaa keenya suphuufi dhiphisuudhaan biyya keenya bu'uura cimaarra dhaabuuf jabaannee hojjechuu qabna.

Kanaafis dhaabannee karaa irra dhufne qorachuu qabna. Maal akka buufanneefi hir'isne shallaguutu nurra jiraata. Isa irraa buufanne cimsinee qabachuudhaan isa bu'aa irraa dhabne ammoo dhiisnee yaadamaafi onnee jijjiirameen ka'uu qabna.

Har'a Itoophiyaa keessatti dhaloota kanaan gucni jijjiiramaa haaraan qabsiifameera. Boqonnaa haaraan badhaadhina hunda ammataa banameera. Boqonnaan jijjiiramaa kun kan matayyootaa, gareewwan muraasaa ykn naannawa ta'e tokkoo otoo hintaane boqonnaa lammiilee Itoophiyaa hundaati.

Yaadawwanirratti waliigaluus dhiisuus ni dandeenya. Garuu, carrichi kan biyyaafi dhalootaa waan ta'eef waan hir'ate ittiguutaa waan irratti waliihingalle tursiisaa, isa irratti waliigallerratti hojjechaa adda addummaa keenyarra dhaabannee otoo walitti hinbuune isa irratti waliigallerratti walfaana imalaa, oggaa dhimmi murteessaan biyyaalessaa irratti waliihingalle mudatu ummanni bal'aan bilisummaan irratti mari'atee akka murteessufi sagalee ummataa kabajaa deemuudhaan dhaloota ittaanuuf biyya fooyyofte dabarsuu qabna.

Biyyoonni guddatan har'a sadarkaa kanarra kan gahaniif waan adda addummaa hinqabneef miti; waan garaagarummaasaanii mariidhaan furuu danda'aniifi.

Kanaaf, adda addummaa gama afaanii, aadaa, amantii sabummaafi kkfn qabnu walii kabajuun duudhaalee tokkummaan waliin jiraachuu, biyya waliin qabnu walumafaana ijaaruu keenya caalaatti cimsaa rakkoolee adeemsa keessa mudatan ammoo mariifi marii qofaaf dursa kennuudhaan furaa tokkummaa daneessummaa keenya haa jabeessinu.


## Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,
Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

**Gulaalaan**
Charinnat Hundeessaa
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com
email-cherenethundessa@press.et
Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

**Qopheessitootni:**
*Saamraawit Girmaa*
*Natsaannat Taaddasaa*
*Bayyanaa Ibraahim*
*Waasihuun Takilee*

**Adeemsisaa Hojii**
*Bil. 011-126-42-22*

**Kutaa Beeksisaa:**
*Bil. 011-156-98-73*

**Raabsa Gaazexaa**
*Bil.011-157-02-70*

**Faaksii Kutaa Qophii**
*251-011-1-5698-62*
*L.S.P 30089*
*email-bariisaa@press.et*
*Ethiopian Press Agency*


# Yaada



*Garee Saba Gaamoo Ayyaana Irreecha baranaarratti hirmaatan*

## "Nageenyi, jaalallii fi tokkummaan Ayyaana Irreechaa baranaarratti mul'ate daran nu ajaa'ibsiiseera"

*- Garee Saba Gaamoo*

**Natsaannat Taaddasaatiin**

Ayyaanni Irreechaa Hora Finfinneefi Hora Harsadii walduraa duubaan Fulbaana 26fi 27 2016 Magaalaa Finfinnee iddoo Doloolloo Buddeenaa jedhamuufi Magaalaa Bishooftuu Hora Harsadiitti haala miidhagaa, nagaafi duudhaa ayyaanichaa eegeen kabajameera. Ayyaanni Irreechaa baranaa baay'ina ummataafi haala nageenyaatiin kan duriirraa adda. Saboonniifi sablammoonni biyyattii ayyaanicharratti hirmaatan tokko tokko yaada Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, ayyaanichi daran hawwataa, jaalatamaa, gammachiisaafi kan irraa hafamuu hinqabne ta'uu dubbatu.

Naannoo kibba Itoophiyaa, Godina Gaamoorraa kan dhufan Aadde Warqinash Gorfuu akka jedhanitti, kanaan dura kanaan dura Ayyaana Irreechaarratti hirmaatanii kan hinbeekne ta'uufi barana yeroo jalqabaaf irratti hirmaachuu dubbatu. Kanaan dura gareen saba Gaamoo ayyaanicharratti yeroo gara garaa hirmaachaa turaniiru. Isaan barana garichatti dabalamuun Ayyaana Irreechaarratti hirmaachuufi ayyaanichatti baay'ee kan gammadaniifi ayyaana irraa hafamuu hinqabne ta'uu dubbatu.

Ani Garee saba Gaamoo waliin Ayyaana Irreechaa Hora Finfinneefi Hora Harsadiirratti hirmaachuusaanii himanii, ayyaanichi baay'ee kan nama hawwatu, gammachiisuufi miidhaginaa addaa qabu ta'uu dubbatu. Ayyaanicharratti daandii dheeraa miilaan deemuun jiraatus tuutaan socho'uun daran namatti tola. Ummata Oromoo waliin ayyaanicharratti yeroo bareedaafi gammachiisaa dabarsineerra. Waaqayyo kan bara dhufuutiin nu haaga'u jedhu.

Ayyaanni Irreechaa bakka Waaqni tolfamaan itti waaqeffamu akka ta'ettan dhaga'aa ture kan jedhan Aadde Warqinash, ayyaanicharratti hirmaachuu kootiin odeeffannoon sirrii hintaane ayyaanichaarratti odeeffamaa turuu hubadheera. Warri waa'ee ayyaanichaarratti odeeffannoo sirrii hinqabne dubbatan utuu ayyaanicharratti hirmaatanii qabatamaan dhugaa jiru hubachuu danda'u. Ayyaanni Irreechaa nagaa, jaalala, gammachuu, obbolummaafi tokkummaadha. Ayyaana waggaan naanna'u kanarraa hafuun hinta'u jedhu.

Kanaan dura Ayyaanni Irreechaa akka bakka lolaafi walitti bu'iinsaa ta'etti dhaga'aa waanan tureef irratti hirmaachuuf sodaachaan ture. Ayyaanni Irreechaa garuu bakka nagaa, jaalalaafi gammachuuti. Qaamoleen nageenyaafi dargaggoonnis nageenya ayyaanichaa eegsisuurratti hojii guddaa hojjetaniiru. Jaalalliifi simannaa ummanni Oromoo ayyaanicharratti garee keenyaaf



*Aadde Warqinash Gorfuu*

taasiseefis galata guddaa qabna jedhu Aadde Warqinash.

Ayyaanni Irreechaa bakka Ummanni Oromoo amantiin otoo walhinqoodin Waaqa bacaqii gannaa keessaa gara booqaa Birraatti isa baase marga lalisaafi abaaboo hadaa (keelloo) qabatee itti galateefatuufi kadhatuudha malee iddoo waaqni tolfamaan itti waaqeffamu miti.

Waa'ee ayyaanichaa kanan dhaga'aa tureefi ayyaanicharratti hirmaadhee ammoo ija kootiin kanan arge addaa addadha. Saboonniifi sablammoonni biroon Ummata Oromoo waliin Irreechaarratti hirmaachuun kabajaa jiru. Kun ammoo hariiroo Oromoon saboota biroo wajjin qabuufi saboonni biroon ammoo Oromoo faana qaban cimsuu, tokkummaafi obbolummaa keenya daran cimsuu keessatti gahee olaanaa kan qabu ta'uu eeru.

Ayyaana Irreechaa kanarratti simannaa ummanni Oromoo garee saba Gaamoo

ayyaanicharratti hirmaateef taasisetti daran kan gammadan ta'uu himanii, ayyaanichi waltajjii itti sabni tokko aadaa saba biraa baratuufi aadaasaa itti waliif qooduudha.

Ayyaanicharratti ummanni Oromoo uffannaafi faayaawwan aadaasaatiin miidhagee argameera. Gareen saba Gaamoo ayyaanicharratti hirmaatanis uffannaafi faayaawwan sabichaatiin miidhagee ayyaanicharratti hirmaateera. Saboonni biroonis akkasuma uffannaafi faayaawwan aadaasaaniitiin miidhaganii ayyaanicharratti argamaniiru. Kanaafuu Ayyaanni Irreechaa waltajjii aadaa uffannaa keenya itti beeksifannus nuu ta'eera jedhu.

Biyya keenyatti nageenyi waaraan akka jiraatuuf tokkummaa, obbolummaafi jaalala keenya caalaatti cimsuu, duudhaa araaraa, dhiifamaafi nagaan waliin jireenya keenyaa ammoo gabbifachaa deemuu qabna. Jijjiirama, misoomaafi guddina biyya keenyaa gara fuulduraatti tarkaanfachiisuuf tokkummaan waliin hojjechuu qabna jedhu.

# ODUU



*Obbo Awwal Kaalil*

## Godina Jimmaatti lafti hektaara kuma 201 ol sanyii ruuziitiin uwwifameera

**Taammiruu Raggaasaatiin**

**Finfinnee:** Godina Jimmaatti rooba ganna darbeetiin lafti hektaara kuma 201 ol ta'u sanyii ruuziitiin kan uwwifame ta'uu Waajjirri Qonna godinichaa beeksise.

Hogganaa ittaanaan waajjirichaa Obbo Awwal Kaalil ibsa addatti Kaleessa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, uumamaan godinni Jimmaa haalli qilleensasaafi 'agiro ikolojiinsaa' omisha ruuziitiif daran mijataadha.

Akka yaadsaaniitti, haala mijata uumamaan godinichi qabu kana qorannoofi teeknolojiin deeggaruudhan inisheetivii oomisha ruuzii hojitti hiikuudhaan godinichi hojii fakkeenya ta'u hojjechaa jira.

Godinichatti oomishaafi oomishtummaa ruuzii waggaadhaa gara waggaatti dabalaa jira kan jedhan Awwal; bara 2012 lafti heektaara kuma tokkoofi 600, bara 2013 lafti hektaara kuma tokkoofi 800, bara 2014 lafti hektaara kuma lama fi bara 2015 ammoo laftti hektaara kuma 27sanyii ruuziitiin uwwifamuusaa yaadachiisaniiru.

Barana ammoo lafa hektaara kuma 201 ol sanyii ruuziitiin qonna gannaatiin uwwisuuf karoorfamee hanga ammaatti karoora ol lafti hektaarri kuma 221 ol sanyichaan uwwisuun danda'ameera.

Lafa sanyiin uwwifame kanarraas callaa kuntaala miliyoona 11.3 ta'u argachuuf karoorfamee hojjatamaa jira. Karooricha milkeessuufis bara darbe aanaalee 12 keessatti hojiin misooma ruuzii jalqabamee kan ture bara kana ammoo aanaalee godinichaa 20 keessatti hojiin ruuzii oomishuu jalqabamuu ibsaniiru.

Bulchaa godinichaa Obbo Tijjaanii Naasir gamasaaniin akka jedhanitti, godinichaatti sagantaa misooma qonnaa ammayyaawaa diriirsuufi hojiirraa oolchuun ruuzii biyya alaatti erguuf karoorfame hojjatamaa jira.

Akkuma bara darbee qamadii alatti ergine barana ruuzii erguuf hojjatamaa jira kan jedhan obbo Tijjaaniin godinichatti karoora imala badhaadhinaa giddugaleeffachuun badhaadhina maatiifi biyyaa akkasumaas wabii nyaataa mirkaneessuufi omisha alatti erguun galii argamsiisuuf xiiqiin hojjatamaa jira jedhaniiru.

## Walhubachuufi aadaa walii kabajuun dagaagaa dhufeera

**Gammachuu Kadiriin**


**Finfinnee**: Kabaja ayyaanota Moolidaa, Masqalaafi Irreechaa tibba darbeerratti walkabajuufi aadaa walii kabajuun cululuqee mul'achuu jiraattonni magaalota garagaraa tokko tokko ibsan.

Sadarkaa mootummaa garaagaraatti ayyaanotni kunneen karaa nagaafi milkiin xumuramuun ibsamuurra darbee qooda fudhattootaafis galatni dhiyaateera.


Jiraataan magaalaa Finfinnee Obbo Siraatyaazaachawu Xurunaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf dheengadda akka ibsanitti, ayyaanoti Fulbaana keessa akka biyyaatti kabajaman duudhaasaanii eeggatanii xumuramuun walhubachuu aadaafi amantaa walii kabajuun ummattootaa daran dabalaa dhufuu agarsiisa.

Ayyaanota kunneen dura dargaggoota, jaarsolii biyyaa, qaamolee nageenyaa waliin ta'uun mariin geggeeffaman hubannoon hawaasa akka cimu taasiseera jedhanii; keessumaa ayyaana irreecharratti qindoominni Foolleefi qaamolee nageenyaa gidduu ture ayyaanichi rakkoo tokko malee nagaan akka kabajamu taasisuu ibsaniiru.

Hordoffiifi to'annoo cimaan taasifames ayyaana qofaaf osoo hin taane maqaa biyyaafi jaalala ummatttootaa olkaasuuf shoora olaanaa taphachuu himanii; jalaqabbii gaariin namni inni tokko aadaafi amantaa isa kaanii akka isa kan isaatti jaallachuufi kabajuu kun



*Obbo Siri'aatiyaazaachewu Xiruunehi*



*Obbo Taaddalaa Olaanii*



*Ustaaz Bashir Mahaammad*

cimee ittifufuu akka qabus dhaamaniiru.

Jiraataa kutaa magaalaa Duukam kan ta'an Obbo Taaddalaa Olaanii gamasaaniin, ayyaanotni aadaafi amantaa Fulbaana keessa kaajaman jala bultii ayyaanichaa irraa eegalee bifa tokkummaafi obbolumaan duudhaasaanii eegattanii yaadachiisaniiru. Kabajni ayyaanota baranaa kan bara darbeen yomuu walbira qabamu walkabajuufi aadaa walii kabajuun daran gabbachuu akka taajjaban himanii; qindoominni qaamolee nageenyaafi hawaasa sadarkaan jirus jabaa akka ture dubbataniiru. Walhubannaan hawaasaafi gaachana sirnaa dabalatee qindoominni qaamolee nageenyaa mul'ate cimee ittifufuus dhaamaniiru.

Jiraataan magaalaa Shaggar kutaa magaalaa Koyyee Faccee Ustaaz Bashir Mahaammad akka ibsanitti, aadaan aadaafi amantaa walii waliif kabajuu duraan turus taateen ayyaanota baranaa irratti mul'ate bu'aa walhubachuun aadaafi amantaa walii kabajuunti. Rakkoo nageenyaa bakka tokko tokkoo jirurraa ka'uun yaaddoon nageenyaa uumamee turus hubannoon aadaafi amantaa walii kabajuu cimaa dhufuun ofkaluun danda'ameera.

Akka ibsasaaniitti, jireenyi hawaasummaa ummata Itoophiyaa akka bakkeedha dubbatamu miti. Ummattotni biyyattii amantaan, gaa'ilaan, ollummaafi hiriyummaan jireenya hawaasummaa jabaa waan qabuuf aadaafi amantaa walii akka kabajan isaan taasisa jedhaniiru.

Barsiisa nageenyaa karaa manneen amantaa kennamaniinis hawaasi akka walkabaju taasisuu keessatti shoora olaanaa qabaachuu dagatamuu akka hin qabne hubachiisaniiru.

## Naannoo Somaaleetti omisha qamadii bonaarraa callaa kuntaala kuma 240 eegama

**Waaqshuum Fiqaaduutiin**

**Finfinnee**: Omisha qamadii bonaarraa callaa kuntaala kuma 240 argachuuf xiyyeeffannaan hojjechaa jiraachuu Biiroon Qannaa Naannoo Somaalee beeksise.

Hogganaan biirichaa Doktar Abdulqaadir Imaan Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, naannichi omisha qamadii bonaaf mijataa ta'uusaan bara darbe omisha qamadii gannaafi bonaarraa callaan kuntaala kuma 377 ol argameera. Baranas omisha qamadii bonaaf lafa hektaara kuma sagalii ol qotamaa jirurraa callaan kuntaalli kuma 240 ni eegama.

Akka isaan jedhanitti, naannichatti lafa omisha qamadiif oolu keessaa baay'ee daran xiqqaatu hojiirra oolaa jira. Keessumattuu qarqarri Laga Waabee Shabalee omisha qamadiifi kanneen biroof daran mijataadha. Yeroo ammaa kanas omisha qamadii bonaa karoorfame keessaa sanyiin qamadii omishtummaansaa olaanaa kennuu, kan omishamuuf yaadame qarqara laga kanaati.

Qaraqarri Laga Waabee Shabalee qamadii qofa osoo hintaane omisha ruuziif daran mijataa ta'uun qorannoon waan mirkanaa'eef deeggarsa Ministeerota Qonnaa, Jallisiifi Naannawa Gammoojjiitiin taasifameefiin misoomsuuf fedhiifi kutannoo olaanaan jiraachuu ibsaniiru.

Dhiyeessa guddistuu callaa ilaalchisee, naannoonsaanii buufata Jibuutii karaa xaa'oon biyya alaarraa galutti dhiyoo



*Doktar Abdulqaadir Imaan*

ta'ee osoo jiruu, xaa'oo isaan bira darbee giddugala biyyaa seenu Adaamaa yookiin Finfinneerraa baasii guddaan galfachuun dhimma furamuu qabu ta'uu eeranii, hanqina xaa'oo akka biyyaatti mudate ilaalcha keessa galchuun xaa'oo uumamaa (kompoostii) Jijjigaafi Dagahabuur fa'itti omishaa jiraachuu ibsaniiru.

Waliigalaan, innisheetiviin misooma qamadii bonaa gama tokkoon wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf gama kaaniin alergii yaadame milkeessuuf lafti naannichaa mijataa waan ta'eef carraa jiru daguuganii fayyadamuurratti hanqinni ni mul'ata jedhan. Barana qonna qamadii gannaafi bonaatiin callaan kuntaalli miliyoona afurii ol akka eegamus hogganaan kun himaniiru.

## Guyyaan alaabaa...

Ayyaanichi kan kabajamu haala qabatamaa biyyi keessa jirtuufi kaayyoowwan bu'uuraa alaabaafi marii rifoormii biyyaa ittifufiisan waliin dabaalamee mana marichaan durfamuun guutummaa biyyaatti kabajama.

Akka odeeffannoon miidiyaa hawaasaa mana marichaarraa argame ibsutti, alaabaan wareegama abbootiin duraanii yeroowwan gara garaatti weerartoota daangaa biyyaa ce'anii birmadummaa biyyaa dhiiban deebisuuf hanga lubbuusaaniitti kaffalaniin bilisummaan saboota, sablammootaafi ummattoota biyyaattii eegamee dhalootatti akka darbu ta'ee har'a ga'eera.

Kabaji guyyichaa tokkummaa sabdaneessummaafi birmadummaa cimsuun dadammaqiinsa uumuuf hiika guddaa kan qabu ta'ee; kabajaafi bu'aa biyyaaf waan irraa eegamu ba'uuf alaabaa fuuldura dhaabbachuun hundumtuu irraa deebi'ee jechasaa ittihaaressuudha.

Ayyaanichi, dhaabbilee mootummaa sadarkaa federaalaa, naannoleefi bulchiinsota magaalotaa lamaan, mooraa raayyaa ittisa biyyaa akkasumas embaasiiwwaniifi misiyoonota Itoophiyaatiin sa'aatii walfakkaataa 4:00 irratti haala ho'aan ni kabajama.

Guyyichi barri haaraan seenee baatii Onkoloolessaa Wiixata jalqabaatti akka kabajamu labsii fooyya'e lakkoofsa 863/2006 keewwata 2 irratti tumameera.

Mijuu
BARIISAA SANBATAA Onkoloolessa 3 Bara 2016

**Hojii jalqabuu**
**manneen maree lamaanii ilaalchisee haasaa Pirezdaanti Saahilawarqi Zawudee keessaa**

fuula 11





# “Wanciidhaaf amma biiftuun bahaa jirti”

*- Obbo Dhaabaa Jinfeessaa, Qindeessaa Pirojektii Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii*

fuula 6



**“Ayyaanni Irreechaa yeroo ammaa guutummaatti abbaa ayyaanichaatiif gadhiifamaa jira”**

*- Leeniin Quuxoo (Qorataa Aadaa, Afaaniifi Artii Oromoo)*

fuula 10

## Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa wajjin Walta’uun torban torbaniin kan dhiyaatuudha

# Raawwii hojii ji’oota 12 darbanii Dhaabbata Abbagaar Damee Oromiyaa

**Kutaa 8ffaa**

**Qaawwota to’annoo idileetiin adda bahanii turan**

Naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Kaabaatti bulchiinsa Gadaamii Dabra Liibanosiifi naannawa gadaamichaatti kan argamuufi ‘Yawushaa gadal’ jedhamutti qonnaan bultoota durirraa eegalanii iddoo sana jiraachaa turan gidduutti falmiin abbaa qabeenyummaa lafaatiin walqabatee yeroo dheeraaf ka’aa ture qaama dhimmichi ilaaluun furmaata waaraa dhabuusaatiin madda sodaa nageenyaa ta’aa jiraachuu.

Shawaa Kaabaa, Aanaa Shanoo iddoo maqaa durii Tulluu Ofaa jedhamee beekamutti giddugalli qorannoo biyyee achitti hundaa’e beenyaa tokkoon ala qonnaan bultoota 22 ta’an buqqisuudhaan lafa hektaara 280 ta’u fudhatameera.

Qonnaan bultootni laftisaanii kanfaltii tokkoon ala irraa fudhatame kunniin yeroo ammaa lafasaanii beenyaan ala dhabuusaanii qofa osoo hintaane, eegdotni giddugalichaa hidhannoo guguddaadhaan akka dallicha sana eeganiif bobbaase sodaa nageenyaa keessa isaan galchaa jiraachuus ibsaniiru. Sodaafi komii sababa kanaan naannawa sanitti uumamaa jiru akka furamuuf bulchiinsa godinichaa dabalatee qaamota dhimmichi ilaalu hundaaf kan dhiheessan jiraattonni yookiin qonnaan bultootni kunniin, hanga ammaatti garuu furmaatni kenname hinjiru.

**Hanqinoota mul’atan irratti yaadota murtii dhihaatan**

Iddoowwan murtiin ummataa itti kennaman yookiin riifarandamiin irratti gaggeeffamanirratti haaluma bu’aa riifarandamichaatiin hojiin daangessuu ariitiidhaan raawwachuudhaan olaantummaan seeraafi sagalee ummataa kabajuun osoo mirkanaa’ee.

Kanaanis badii lubbuufi qabeenyaa sababa daangaatiin walqabatee ummata daangaa irra jiraatuu ittisuun akka danda’amus hojii qabatamaa kanaan osoo mirkanaa’ee.

Aanaalee Shawaa Kaabaa naannoo Oromiyaafi naannoo Amaaraa waldaangessan gidduuttis walitti bu’iinsa sababa daangaa bulchiinsaatiin uumamaa jiruufi lubbuu namaafi qabeenyarratti miidhaa gaggeessaa jiruufis furmaatni waaraa bulchiinsota gama lamaaniinuu jiraniin barbaadamee hawaasni gama lamaaniinuu jiru sodaa nageenyaa keessaa bahee jireenya tasgabbii qabutti osoo fuula deebifatee.

**Yaadota furmaataa to’annoo irra deebiidhaan taasifameen hojiitti hiikaman**

Naannawawwan murtiin ummataa ykn rifarandamiin irratti gaggeeffame haaluma sagaleen irratti kennameen daangeeffamuudhaaniifi olaantummaa seeraa qabatamaan mirkaneessuudhaan badii lubbuu namaafi qabeenyarra gahaa jiru ittisuudhaaf Biiroo bulchiinsaafi Nageenya Oromiyaafi Biiroo Nageenyaa Naannoo Sidaamaa karoora waliinii baasaanii gara hojiitti galuusaanii beeksisuusaanii.

Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Bahaafi aanaalee naannoo Amaaraa gidduutti sababa daangaatiin walitti bu’iinsa uumamaa jiraniif furmaata dhaabbii ta’e barbaaduudhaan du’aatii namaafi badii qabeenyarra gahaa jiru baraaruuf naannoleen lachuu Ministeera Nageenyaa waliin qindoomanii koree pirezidaantota ittaantotaan hogganaman hundeessanii hojiitti galuusaanii nu beeksisaniiru.

**Waltajjii marii**

Hojiiwwan to’annoo taasifamaniifi kanaanis argannoowwan to’annichaan adda bahanirratti qaamolee dhimmichi ilaalu 50 ta’an waliin dhimmuma argannoo kanarratti marii bal’aan taasifameera.

**Hojiiwwan karoora idilee cinaatti raawwataman**

Gaayid laayinii dhaabbatni Abbagaar Itoophiyaa hojiiwwan bulchiinsa gaarii safaruuf baase bu’ura godhachuudhaan bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa biirolee filatamaan jaharratti hojiin raawwii bulchiinsa gaarii safaruu raawatameera.

Kanaanis hojiiwwan to’annoo adeemsifamaniifi qaawwan to’annichaan adda bahan sirreessuuf yaadota furmaataa qaamota raawwachiiftuu biirolee kanneenii waliin irrattis waliigalameera.

Kunis karaalee gara garaatiin kan raawwatamu yemmuu ta’u, isaan keessaa immoo iyyannoowwan adda addaa dhaabbatichaaf dhihaatan bu’ura godhachuudhaan erga qorannoon irratti adeemsifamee booda yaada murtii kennuudha.

*Ittifufa*

KEESSUMMAA BARIISAA

# “Wanciidhaaf amma biiftuun bahaa jirti”

*- Obbo Dhaabaa Jinfeessaa, Qindeessaa Pirojektii Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii*

**Saamraawiit Girmaatiin**

Pirojektoota gugguddoo sadii sagantaa, ‘Maaddiin Biyyaaf’ jedhamuun moggafaman Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii, Koyishaafi Gorgoraa kaka’umsa Ministira Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahmadiin (PhD) eegalan keessaa Oromiyaatti kan argamu Ikkoo Turizimii Wancii-Dandiiti. Pirojektiin kun waggoota lamaan darban ijaarsarra kan ture yoo ta’u, wayita ammaa sadarkaa dhumaarra qaqqabee dhuma baatii kanaatti ni eebbifama jedhamee eegama.

Nutis haala waliigalaa pirojektichaa ilaalchisuun Qindeessaa Pirojektii Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii Obbo Dhaabaa Jinfeessaa keessummaa keenya maxxansa kanaa taasifanneerra; dubbisa gaarii!



**Bariisaa: Yeroo keessaniif galatoomaa jechaa, mee dubbistoota keenyaan walbaraa.**

**Obbo Dhaabaa**: Tole isinis galatoomaa. Ani Dhaabaa Jinfeessaa Shaanqoon jedhama. Kanin dhaladhee guddadhe Godina Shawaa Lixaa, Aanaa Calliyaa, Ganda Jaarsootti. Akkuma daa’ima baadiyyaa kamuu jabbilee tiksaafi maatii hojii gargaaraa yommuu umuriinkoo barnootaaf ga’ummoo mana barnootaan seene.

Barnootakoos sadarkaa tokkoffaa, hanga kutaa ja’affaatti Aanaa Calliyaa, Mana Barnootaa Tulluu Maraa jedhamuttin baradhe. Kutaa 7ffaa-12ffaattimmoo magaalaa guddoo aanichaa, Geedoottin hordofe. Calliyumatti barsiisummaadhaan mindeeffamee gara waggoota shanii, daarektarummaadhaan ammoo waggoota lamaa hojjedheera.

Boodarra aanichumatti bara 1993 Caffeetti filatamaa ummataa ta’uun waggoota shaniif tajaajileera. Shawaa Lixaattis kaabineefi ittigaafatamummaa damee hawaasummaa, ittaansuunis bulchaa ittaanaa godinichaa ta’ee hojjedheera. Akkasumas, moggaasa yeroo sanaatti Hogganaa Ittaanaa Biiroo Dhimmoota Kominikeesheenii Naannoo Oromiyaa, waggoota afuriif ammoo Kantiibaa magaalaa Buraayyuu ta’uun, darbees Abbaa taayitaa Bunaafi Shaayiifi Biiroo Dhimma Hojjetaafi Hawaasummaa Oromiyaatti ittaanaa ta’uun walduraa duuba tajaajileera. Waggoota lamaan kana Qindeessaa Pirojektii Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii ta’ee hojjetaan jira.

**Bariisaa: Barataa akkamii turtan, maal ta’us hawwiitu turtan?**

**Obbo Dhaabaa:** Sadarkaadhaan barataadhuma giddugaleessan ture. Ammarra taa’ee yommuun of yaadadhu, ijoollee baadiyyaa keessaa mucaa si’aa’ina qabuun ture. Waa hundi dafee naa gala ture. Akkasumas nama waliin nama dafee waliigaluufi hariiroo gaarii qabun ture. Amala nama araarsuu ijoolummaadhumarraa kaaseen qaba. Hawwiinkoo yommusiis barsiisaa ta’uudha malee gara hojii bulchiinsaatti nan dhufa jedhee yaadee hinbeeku.

Waliigala garuu isa hawwiikoos ta’e akka tasaa itti seeneetti waanin hojjedhee keessa darbeetti gammadaadha. Sababnisaa bakkan deemetti hojiinkoo hawaasa tajaajilu waan ta’eef kanaan maqaa gaariin qaba. Hawaasa gargaarsa barbaadu keessaa waanin ba’eef bakkan jirutti ilaalcha yoo ani hingargaarre gargaaramuu hindanda’u jedhu waanin qabuuf haala kanaanin hojjetaa ture.

**Bariisaa: Bakkan ga’uu qabu ga’eera jettanii yaadduu? Moo fuulduraaf waan karoorfattan qabdu?**

**Obbo Dhaabaa:** Egaa fedhiin namaa daangaa hinqabu. Hojii hawaasummaa hawaasakoo caalaatti fayyaduu danda’u caalaatti bal’isee, ofumakoo hogganee dhaabbata hawaasummaarratti hojjetu hundeessuun barbaada. Muuxannoon waggoota 25f mootummaa tajaajiluun horadhe fuulduratti baasee hawaasakoo tajaajiluuf hawwiin qaba; naa milkaa’a jedhes nan amana.

**Bariisaa: Maatii keessaniif ilma meeqaffaadha, obbolaa meeqammoo qabdu?**

**Obbo Dhaabaa:** Haatiifi abbaankoo ilmaan 12 horan; dhiira saddeetiifi dubara afur. Kanneen keessaa 11n keenya lubbuudhaan jirra. Ani ilma hangafaati. Ijoolleen na boodaas ijoollee lama yunivarsitii jiran irraa kan hafe hojiitti bobba’anii jiru. Maatii kana keessaa dafee ba’uunkoo warri na boodaallee akka ba’aniif ga’ee guddaa akkan taphadhu na gargaareera.

**Bariisaa: Haala bultiifi ijoollee keessanii utuu nu ibsitanii?**

**Obbo Dhaabaa:** Bultii dhaabbadhee ijoollee dhiira lamaafi dubara lama godhadheera. Intala tokko heerumsifadheera. Ijoolleen lama barnoota yunivarsitii xumuraniiru, tokkommoo barataa jirti.

**Bariisaa: Mee gara pirojektii amma gaggeessaa jirtanitti haa dhufnuuti, jechumtii ikkoo turizimii jedhu maal jechuu akka ta’e dubbistoota keenyaaf ibsaa?**

**Obbo Dhaabaa:** Pirojektiin ikkoo turizimii meegaa Wancii-Dandii jalqabne kun, qaama pirojektii ‘Maaddiin Biyyaaf’ jedhuuti. Pirojektiiwwan sagantaa kanaan akka biyyaatti bocaman sadii keessaas isa tokko jechuudha. Pirojektota sadan keessaa Wancii-Dandii adda kan taasisu ikkoo turizimii ta’uusaati.

Kana jechuunis haala naannawaa sanaa utuu hinjijjiiriin, uumama achi jiru akka jirutti kununsuudhaan, namni daawwatee akka galu gochuudha. Haalli qilleensasaa, ta’umsa lafaasaa, duudhaan ummataa akkuma jirutti ta’ee sona itti dabaluun, eegumsa guddaa godhaniifii dhalootaa dhalootatti dabarsuudha. Haala kanaan waggaa lamaan kana Wancii-Dandii misoomsuuf hojiitti jirra jechuudha.

**Bariisaa: Pirojektiin kun meeggaadha yommuu jedhamuwoo maal maalfaa of keessatti waan qabatuufi?**

**Obbo Dhaabaa:** Pirojektiin tokko meeggaadha jedhamuuf qabiyyee of danda’a qaba. Inni jalqabaa humna faayinaansii pirojektichi ittin hojjetamudha. Lammaffaa bal’inni lafaa irratti hojjetamullee ni ilaalama. Sadaffaan ammoo daangaan lafasaafi hojiin achirratti hojjetamu waan baayyeedha.

Kan Wancii-Dandii kanas tokko tokkoon haa ilaallu. Pirojektiin kun haroowwan walirraa fagoo lamaan Wanciifi Dandii walqunnamsiisa. Daandii hojjechuun dirqama. Haala kanaan daandii kiiloo meetira 42 hojjennee xumurreerra. Dandii- Marsee-Wancii kiiloo meetira 32, gara Haroo Wanciitti kan geessummoo kiiloomeetirri 10 hojjetameera. Daandiin kun bal’aa yoo ta’u, tiraakii maaraatoonii kiiloo meetira 21s kan of keessaa qabuudha.

Inni biraa qarree Wanciirratti piikinikota guguddoo afur ijaarreerra. Kanneen keessaas tokko Nadhii Dammaa zeeroo zeeroo kan jedhamu Wanciirraa kaatee marsitee kiiloo meetira saddeetirratti argatta. Inni tokko kiiloo meetira shan, tokko kiiloomeetira lama akkasumas, tokko kiiloomeetira zeeroo zeeroorratti argama.

Egaa pikinikoonni kunneen Wanci mandara hawwataafi daran filatamaa jedhamee addunyaarratti waggaa darbe beekamtii kan argate ta’uusaatiin namoonni daawatan hundasaa ilaaluu akka danda’aniif kan qophaa’aniidha.

Achittis nyaatawwan aadaa, kanneen dafanii qaqqaban (fast foods), suuqiiwwan addaddaa, iddoo dammi Wancii beekamaafi filatamaan ittigurguramu, mana nyaataa, baankii biyya keessaafi kan sharafni alaa itti jijjiiramu of keessaa qaba. Kanaaf namni damma Wancii bitachuu barbaade kiiloomeetira saddeet deemee daawwachaa fudhatee gala.

Inni biraan ammoo nyaata aadaati. Kanaafis piiknikii tokko xumurreerra. Achi keessatti nyaatniifi dhugaatiin aadaa Oromoo qofti bakka itti dhihaatuudha. Akkasumas, anfii tiyaatirii agarsiisawwan addaddaa agarsiisuufi namoota 500-700 keessummeessuu danda’u hojjenneerra. Kunis wayita ammaa xumuramee namoota hojjetaniif dabarsuudha kan hafe.

Piiknikii sadaffaan bakka bunni itti danfuudha. Achi keessatti buna godinaalee Oromiyaatti beekamutu dhihaata. Birattis bunni maashiniidhaan danfu, buna aannaniifi dhugaatii ho’aan gara garaa ni dhihaata. Isa waliinis bakki namni bashannanuufi suura itti ka’ullee haala mijataa ta’een qophaa’eera.

Afraffaan seensa Wanciiti. Innis kan xumurame yoo ta’u, haala addaa biyya kana keessatti hojjetamee hinbeekneen meeshaa (deekii) daaw’itiirraa hojjetameefi irra dhaabatanii gadi ilaalan kan qabu hallayyaarratti kan hojjetameedha. Dur namni gaafa Wanci dhaqu qarreedhumarra dhaabatee ilaalee dinqama. Amma garuu osoo ikkoo turizimiisaa hinmiidhiin sonni itti dabalamee haala bareedaadhaan namni har’a galee bor deebi’ee akka Wancii yaaduufi namootatti himu taasifamee kan hojjetameedha.

Inni biraan Wanci balbala guddaa qaba. Balballisaa kun kan hojjetame akkaataa Oromoon balbala manasaa itti hojjechiifatuuni. Manni Oromoo baay’eensaa geengoodha. Haala filannaa halluu Oromoo giddugaleessa godhateen kan hojjetameedha. Kanuma qofatti qarshii miliyoona 150tu bahe.

As keessattis bakki baankonni tajaajilawwan adda addaa itti kennanis ni jira. Suuqiiwwan hojiiwwan harkaa naannawa sanatti beekaman sonni itti dabalamee itti gurguraman ni jiru. Fakkeenyaaf naannawaan sun bu’aalee omisha warqeetiin (qoccoo) beekama. Akkasumas, alangeefi faayawwan garagaraa Wanciitti hojjetaman daran namatti tolu.

Kanas Biiroo Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Oromiyaa wajjin ta’uun indastirii godoo tokko magaalaatti ijaarreerra. Ijoolleen ijaaramanii achitti omishanii fidanii akka gurguraniif suuqiiwwan gara ja’aa qophaa’aniiru. Darbees bakkuma sana reestoraantii guddaan tokko jira.

Bakki tikeetiin muramus qophaa’eera. Iddoon konkolaattota 200 qabachuu danda’us hojjetameera. Namni yeroo Wanci dhaqu akka durii konkolaataadhaan hinseenu. Sababnisaas tokkoffaa ikkoo turizimii naannawichaarratti akka mancaatii ykn faalamni tokkollee akka hinqaqqabneefi.

Lammaffaa konkolaataan achi dhaabatee filmaatawwan geejibaa addaddaatti akka fayyadamaniifi. Turistoonni miilaan,

*Gara fuula 7tti*

# KEESSUMMAA BARIISAA

fardaan, gaariidhaan akkasumas saayikiliifi konkolaattota elektiriikii fayyadamaniin akka imalaniifis haalonni mijataniiru. Konkolaattonni keessummaa hundi eegumsa mataasaanii waan qabaniif keessa hinseenan jechuudha.

Kan biraan loojiiwwan guddaa sadarkaasaa eeggate baasii qarshii miliyoona 600 ta'uun ijaarameera. Loojiiwwan kunneenis abbaa ciisicha lamaa, tokkoofi daran olaanaa ta'e, kan anga'aa olaanaan biyya alaallee keessa buluu danda'uufi tajaajila of danda'e kennu akkasumas turistoota 30 bulchuu danda'u ijaarreerra.

Qonnaan bulaa loojiif lafa kenneef beenyaan kanfalameera. Garuu kan jireenyasaa sana waliin kan walhingitne waan hintaaneef mana sadarkaasaa eeggate miliyoona 150n ijaarreerra. Kunis qonnaan bulaan mana ijaarratee akka itti galu qofa osoo hintaane, tokko tokkoon qonnaan bulaa kutaa sadii sadii ijaarrachuun turistii bulchee akka galii argatuuf mijateera. Haala kanaan guyyaatti turistoota 39 bulchuun ni danda'ama. Yommuu pirojektichi guutummaatti xumuramutti qonnaan bulaaf furtuun kan kennamu ta'a. Loojicha kan kireessu bulchiinsa waliigalaa yoo ta'e ammoo galiisaa qonnaan bulaaf akka kennamuuf mijeeffama.

Dabalataanis, Wanci akkuma beekamu bishaan ho'aafi qorraa uumamaa qaba. Kanaafis bakka dhiqannaa walbiratti hojjenneerra. Darbees riqicha socho'aa guddaa meetira 69 dheeratuufi bashannanaaf oolu (Innuu mataasaatiin hawata turizimii isa guddichadha) hojjetameera.

Akka waliigalaatti pirojektii kana meeggaa kan jechisiisu yoo xiqqaate hojjettoota hanga kuma sadii qabatee hojjetamuusaati. Qonnaan bulaafis beenyaa gara qarshii miliyoona 400 kanfalleerra. Kunis inni guddaan miliyoona ja'a, xiqqaan ammoo kuma 500 jechuudha. Horii kanas akka hinballeessineef magaalota Amboofi Waliisootii akka mana bitatan, kaanimmoo kanneenuma naannawa pirojektichaatti hojjetamanirraa qonnaan bulaan akka dursa argatuuf haalli mijateera.

**Bariisaa: Ijaarsi pirojektichaa ammaan tana waliigalaan sadarkaa akkamiirra jira?**

**Obbo Dhaabaa:** Wayita ammaa gara xumuraatti kan jiru yoo ta'u, daandiin ji'a sadii dura dhibbantaa 100 dhumeera, piikiniikiiwwan afur qabannee hunduu dhibbantaa 97n xumurameera, torbee dhufu nutti kennamu. Balballi seensaa guddichis %98 irra jira. Amma dhibbantaa 87 irra kan jiru loojii wajjin walqabatee mi'awwan alaa galan tokko tokko qofatu hafa. Kunis torbee dhufu hundisaa kan nurka qaqqabu ta'a.

**Bariisaa: Ijoolleen qonnaan bulaa naannawichaa jireenyisaanii Haroo Wanciirratti bu'uureffameefi hojiilee garagaraa hojjechuun of jiraachisan turaniiru. Fakkeenyaaf waldaa fardeenii, daawachiisuufi kkftiin kan hojjetan. Carraansaanii hoo akkam ta'a?**

**Obbo Dhaabaa:** Kallattii mootummaan kaa'een pirojektiin amma hojjetamu nama bu'uura kan godhateedha. Fakkeenyaaf suuqiiwwan 12 achi keessatti ijaaraman hunda ijoollee qonnaan bultootaatiif kennine; isaantu gurmaa'ee itti hojjeta. Nyaata aadaa, ammayyaafi hojii achi keessatti hojjetamu kamuu jalqaba isaantu argata. Kanneen beenyaan kanfalameefillee beenyaa argataniiru jedhamee kan bira darbamu hinjiru.

Inni biraan Wanciin durumaayyuu waldaalee addaddaa qaba. Isa akkuma jirutti sona itti daballeetu isaan hojjechiisna. Fardeeniifi yabaloon achitti tajaajila kennan hundi kan qonnaan bulaati. Abbaan qabeenyaa kamuu



Wanciis ta'e Dandii yoo deeme waan achitti ijaarreraa tajaajila argata malee ijoolleen mindeeffaman kanuma qonnaan bulaati.

Kanaafis nuti ijoollee qonnaan bulaa 95 Laangaanootti ji'a tokkoof leenjisnee loojii Wanciitti ijaarametti bakkawwan addaddaatti akka hirmaataniif qopheessineerra. Amma gaafa tajaajila jalqabu yoo namatti kennines ta'e, ofii keenyaaf hojjenne ijoollee sanatu mindeeffama. Wanciirratti jireenya duraan jiraatan irra caalmaa qabu akka jiraataniif yaadama. Kanaaf dura dinagdee ummata naannawichaa ittaansuun aanaafi godinichaaf, akka waliigalaatti ammoo Oromiyaatu irraa fayyadama.

**Bariisaa: Gaafa pirojektiin kun eegalamu baasii hammamiin, yeroo hangamii keessatti xumurama jedhamee karoorfame? Hanga yoonaatti darbees hanga xumuraatti hammam fixa jedhamee yaadame?**

**Obbo Dhaabaa:** Pirojektiin Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii marsaadhaani kan hojjetamu. Amma kan Wancii marsaa tokko xumurreerra. Dandiitti loojiifi daandiin galeera. Hojiin keenya ittaanu Dandii keessoo bareechuufi wantoota barbaachisan guutuun xumuruudha.

Pirojektichi yommuu qabame marsaa duraa qarshii biliyoona afuriin waggaa lamaafi ji'a ja'a gidduutti xumuruuf kan karoorfame yoo ta'u, hanga yoonaa invastimantii gaggeeffameen daandii qofti gara qarshii biliyoona 2.4 fixeera. Loojiin milyoona 600 akkasumas piikinikonni seensaafi riqichi hojjetames akkuma irranatti eerame qarshii baay'eetu itti ba'e. Akka waliigalaatti baasiin jedhame kan jedhameen ol yoo itti ba'e malee hinhanqatu. Yeroon ijaarsaammoo akkuma yaadametti deemaa jira.

Wanciifi Dandii gidduutti magaalaa turizimii uumuun hojii sadarkaa sadaffaadha. Inni kun kan yaadame ikkoo turizimiin Wanciifi Dandii akka hinmiidhamneef, namni bakkeewwan kanneen oolee galee akka achi bulu taasisuudha. Kana keessa wantoota baay'eetu hojjetama. Fakkeenyaaf hoteela abbaa urjii shanii lama, mandara atileetotaa, paarkii bishaaniifi dizaayinoota pirojektiiwwan addaddaa sagal ta'antu keessatti argama.

**Bariisaa: Pirojektiin kun kan marsaa duraa qofti gaafa dhumee tajaajila yaadameef oolu namoota hammamiif carraa hojii uuma?**

**Obbo Dhaabaa:** Ammarra teenyee kana jechuun nama rakkisa. Sababnisaas hammuma turizimiin dabalaa dhufe carraan hojiis dabalaa dhufa. Ammaf garuu yoo xiqqaate namoonni 600- 700 marsaa kanatti hojiitti ni seenu jennee yaadna. Sababnisaas turistootaaf fardi qofti 300 qophaa'aa jira. Saayikiliin 100 oliifi suuqiiwwan tajaajilawwan hedduurratti namoota hojjetan baay'inaan barbaachisa.

**Bariisaa: Pirojektichi ka'umsisaa hirmaannaa ummataatiin akka hojjetamuudha kan ibsame. Baasiin kun akkuma jedhame hirmaannaa ummataatiin kan uwwifameedha moo mootummaanis bajata ramade qaba?**

**Obbo Dhaabaa:** Hojiin maaddii biyyaaf jedhamu kun hirmaannaa ummataatiin jalqabame. Qarshiin akka biyyaatti sassaabame pirojektota sadaniif qixa nuu qoodame. Akka naannootti sochii ho'aa taasifameen galii olaanaan argameera. Hamma yoonaatti wanti bajata mootummaatti bu'ame hinjiru. Inni ittaanu maal ta'a isa jedhu garuu kallattii mootummaa kan ilaallu ta'a.

**Bariisaa: Pirojektiin kun akka yaadametti xumuramee gaafa hojiirra oolu, turizimiifis ta'e dinagdee biyyaatiif hiika akkamii qaba?**

**Obbo Dhaabaa:** Asirratti wantin osoo hinkaasiin hindabarre, hojiin hamma yoonaa hojjedhe keessaa akka kanaa kanin itti gammadu hinjiru. Ani carraqabeessa jedheen of yaada. Sababnisaas, ani naannawa kana hojjedheera.

Sadarkaa Wanciin waggoota 10-15 dura irra ture nan beeka. Ilaalameellee hinbeeku. Bakkeewwan hawwattoo turizimii addunyaa yoo ilaaltu hedduunsaanii kanneen harka namaatiin bocamanidha. Wanciifi Dandiin garuu uumaadhumatu bareechee uume.

Namoonni arganii hinbeekne nu waliin deemanii gaafa qarree Wanciirra dhaabatanii gad ilaalan baay'ee dinqamu. "Lafti akkasii biyyuma keenya keessa jiraayii" jedhanii dinqisifatu. Uumama mijataa akkanaarratti sona xiqqoo dabaltee gaafa madda dinagdee hawaasaa, aanaa, godinaa, naannoo darbees kan biyyaa gochuun danda'amu arguun daran nama gammachiisa. Hojiin kun guutummaatti utuu hinjalqabamiin koriidariin gidduu sanaa hammam akka ho'e argaa jirra.

Yoo hojiitti hiikame turistiin naannawicha dhufu humnaa ol ta'a jenneetu kan yaadnu. Ayyaanuma Masqalaa dheengaddaa yoo fudhatte, guyyaa tokkotti atobisii 10tu dhufe. Pirojektichi xumuramee qophii ga'aa hinqabu malee namni guyyaa guyyaatti dhufuyyuu hedduudha.

Yommuu hojiin akkanaa hojjetamu tokkoffaa namni baadiyyaarraa magaalaatti hingodaanu; baadiyyaarraa magaalaatti dhufa malee. Utuma hindhumiinillee namni eeyyama turizimii baasaa jira, konkolaattoota bitaa jira, tajaajilawwan addaddaarratti hirmaachuuf qophiin taasisaa jiru hammam madda dinagdee akka ta'u tilmaamuuf nama hinrakkisu. Kanaaf ani akka kootti Wanciidhaaf amma waan biiftuun baateef natti fakkaata.

Kanarratti wantin hinkaasne tokko, hojii kana kontiraaktaroonni nu wajjin hojjetan lammiilee biyya alaati; Xaaliyaanootaafi Chaayinoota. Isaanis kontiraaktaroota biyya keessatti kennanii hojjetaa turan. Garuu akka pirojektiitti kan daran itti gammannu yeroo isaan hojjechuuf kaampii qopheeffatan dizaayinii mana barumsaa hojjennee itti kennina.

Isaan kan turan waggaa tokkoof ta'us manichi kan ijaaramu bilookkeettiidhaani. Kan Wancii magaalaa Harootti lafa fudhannee, dizaayinii mana barumsaatiin ijaarreetu kennuuf jenna jechuudha. Amma Wancii waliin oolmaan daa'immanii kan eebbifamu ta'a. Akkasumas tajaajila hawaasummaasaanii akka ba'atan goonee torban dhufu keessa manni barumsaa hanga kutaa ja'affaatti qabu ni eebbifama. Dandiittis haaluma kanaan hojjetama. Hojiin hojjennu isa har'a hojjennee bor gannee baanu akka hintaaneef waantota hunda xiyyeeffannaan raawwanna.

Akka waliigalaatti Wanciifi Dandiin dur dhokotanii turan har'a ifatti ba'aniiru. Daandiin saffisaa amma ba'ee namni daqiiqaa muraasa keessatti walitti deemu, dura daandiin tokkollee waan hinjirreef ummanni miilaan deemaa ture. Nutillee miilaan deemnee lafa sana safaraa turre. Amma hawaasni ijaaramee konkolaataa bitachuutti ka'eera. Waan omishu salphumatti gabaa geessaa jira.

Amma kan nurraa eegamu, turizimiin maal akka ta'eefi faayidaa akkamii akka qabu hubachiisuuf Ministeera Turizimiifi Komishinii Turizimii Oromiyaa wajjin waan karoorfanne qabna.

**Bariisaa: Rakkoolee hojiirratti isin mudatan yoo jiraatan osoo nuu kaastanii?**

**Obbo Dhaabaa**: Rakkoon nageenyaa, haalli qilleensaafi qaala'inni meeshaalee ijaarsaa akka rakkootti nu mudatanii turan. Fakkeenyaaf Wanci nuti ganni ji'a sadii afur jenne yaadnee deemne ji'a ja'a rooba. Kanaan lafti dafee qooruu dide. Kana bakka buusiifis halkanii guyyaa hojjechuu eegalle.

Rakkoo nageenyaatiin walqabatees yeroo guyyaa tokkoof rakkoon mudatee daandiin torban tokkoof cufamee ture. Hojiin loojii garuu hindhaabanne. Sababnisaas pirojektiin kun kan ummataa waan ta'eef yommuu rakkoon akkanaa mudatu umatumti akka eeggatu, qaamni hogganus achi oolee bulee akka hogganu taasifame.

Yoo hoggansi bakka sanarraa fagaate hojjetaanis dhiisee ba'a waan ta'eef achuma taa'ee hordofaa ture. Qaamolee nageenyaa walinis qindoominaan hojjetamee fala akka argatu ta'eera. Amma pirojektichi kallattii kamiinuu kan eegu hawaasa. Sababnisaas isaafi ilmaansaatu harka guddaa irraa fayyadamee jiruufi jireenyasaa fooyyessa waan ta'eef.

**Bariisaa: Akka biyyaatti pirojektii meeggaa akkanaa yeroo gabaabaa keessatti hojjetanii xumuruurraa maaltu baratama? Keessumaa jijjiiramaa as jalqabanii fixuudha kan baratame waan ta'eef kun agarsiiftuu ta'uu danda'aa?**

*Gara fuula 12tti*

# “Ayyaanni Irreechaa yeroo ammaa guutummaatti abbaa ayyaanichaatiif gadhiifamaa jira”

**- Leeniin Quuxoo (Qorataa Aadaa, Afaaniifi Artii Oromoo)**

**Natsaannat Taaddasaatiin**

Ayyaanni Irreechaa kaleessa akkamitti kabajamaa ture? Har’a hoo haala kamiin kabajamaa jira? Jijjiiramni (fooyya’iinsi) fi hanqinaaleen ayyaanicharratti mul’atan maalfaadha? Hanqinoota mul’atan guutuun ayyaanichi akkuma baranaa duudhaafi safuusaa eegee akka kabajamuuf hayyoota Oromoo, Abbootii Gadaafi hirmaattota ayyaanichaarraa maaltu eegama? Gaaffiilee kunneeniifi dhimmoota biroorratti turtii Qorataa Aadaa, Afaaniifi Artii Oromoo Obbo Leeniin Quuxoo waliin taasifne akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Yunivarsitii Naannoo Oromiyaatti Qorataafi Gorsaa akkasumas Daariktara Inistiitiyuutii Misooma Qorannoo Afaan, Aadaafi Artii Oromoo Obbo Leeniin Quuxoo Gaazexaa Bariisaatti akka himanitti, haalli kabaja Ayyaanni Irreechaa waggaa waggaan gabbachaafi fooyya’iinsa gaarii agarsiisaa jira.

Baay’inni namoota ayyaanicharratti hirmaataniis wagguma waggaan daran dabalaa jira. Haala kabaja ayyaanichaarratti wantoonni sirrachuufi qajeeluu qaban jiraatanis ayyaanichi haala gaariirratti argama. Ayyaanni Irreechaa yeroo ammaa guutummaatti abbaa ayyaanichaatiif gadhiifamaa jira.

Kanaan dura qaamonni gara garaa fedhiisaanii guuttachuuf Ayyaana Irreechaatti fayyadamaa turuu himanii, ummanni Oromoos ayyaanicha bakka itti diddaasaa ibsatu godhatee ittifayyadamaa ture.

Waltajjiin Ayyaana Irreechaa sadarkaa Oromoon har’a gama siyaasaatiin irra gaheef gahee guddaa taphachaa ture. Ayyaanni Irreechaa yeroo ammaa siyaasarraa bilisa ta’aa dhufuun Abbaa Malkaa, Abbaa Gadaafi warra abbaa ayyaanichaa ta’aniif gadhiifamaa jiraachuu dubbatu.

Dur mootummaa dhufaa darban Ayyaana Irreechaa dhorkaafi ukkaamsaa ture. Sun ta’uu dinnaan ammoo ittimakamee ayyaana mootummaa fakkeessaa ture. Sunis ta’uu dinnaan yeroo ammaa haala mijeessuun abbootii ayyaanichaaf gara gadhiisuutti deemaa jira.

Ayyaanni Irreechaa duudhaafi safuu qaba. Duudhaafi safuu ayyaanichaa eeguurratti garuu ammayyuu hanqinoonni muraasni warruma abbaa ayyaanichaa ta’an (abbootii Gadaa) birattiyyuu ni mul’atu. Ayyaanni Irreechaa akkaataa itti deemamuufi irreeffatamu qaba. Haalli irreeffannaa garuu ulaagaa barbaachisu guutee adeemsifamaa kan hinjirre ta’us waggaa waggaan fooyya’iinsa gaarii agarsiisaa jira.

Ayyaanni Irreechaa akkaafi akkaataa qaba. Dur oggaa Ayyaana Irreechaaf ji’i tokko ykn torban lama hafu Abbaan Gadaa bakka bu’oota gosaa (sabaa) waamee waa’ee irreechaarratti waliin mari’ata.

Ayyaanicharratti waanti qabatamee ba’amuufi qabatamee hinba’amne sabaaf ni ibsama. Yoo waldhabdeen hawaasa





keessa jiraate bakka bu’oonni gosaa galanii jaasoliin biyyaa namoota walitti bu’an akka araarsan taasisu. Warri ayyaantuus guyyaa Ayyaanni Irreechaa irra oolu hedanii ummatatti himu. Jala bultii ayyaanichaatti ammoo axaarrii ykn tolfannoo tolfatanii malkaa kan qulqulleessu.

Ayyaanni Irreechaa kun yeroo yeroodhaan gabbataa deemaa jira. Uffanniifi faayawwan aadaa Oromoo dur ija siyaasaatiin ilaalamaa turan yeroo ammaa haala nama ajaa’ibuun uffatamaa jiru. Ummanni Oromoo uffanniifi faayaawwan aadaasaa ija siyaasaatiin ilaalamaa waan turaniif uffachuullee sodaachaa ture.

Amma garuu uffannaafi faayawwan aadaa koo eenyummaa kiyya ibsa jedhee kaabaa kibbaa, bahaa dhihaa uffachaa jira. Ummanni Oromoo biyya alaa jirullee bakka jirutti uffannaafi faayaawwan aadaa Oromoo eennyummaasaa ibsan uffatee ittiin boonaafi eenyummaasaa ittiin addunyaatti beeksisaafi ibsaa jiraachuu eeru.

Dizaayinii (saxaxni) uffanniifi faayawwan aadaa Oromoos haala nama ajaa’ibsiisuun fooyya’anii hojjetamanii fayyadamtootaaf dhiyaachaa jiraachuu kan himan Obbo Leeniin, dizaayinii uffannaa aadaa fooyyessuurratti garuu of eeggannoo cimaa taasisuun barbaachisaadha. Waan aadaan Oromoo keessa hinjirre itti dabaluu hinqabnu.

Uffannaan aadaa Oromoo haala aadummaasaa eeggateen ammayyaa’uu qaba. Ulee horooroo, caaccuufi siinqee kan qabatus nama hunda osoo hin taane nama qabatu qaba. Meeshaalee kunneen namni hundi qabachuu hindanda’u. Fakkeenyaaf durbi hinheerumne Siinqee hinqabattu; dhiirri hinfuunes horooroo qabachuun seermale. Hanqinoonni kunneen Ayyaana Irreechaarrattis waan mul’ataniif sirreessaa deemuun barbaachisaadha.


Abbaa Malkaa dura karra saaquun ykn irreeffachuunis sirrii miti. Kan irreeffatamu erga Abbaan Malkaa eebbifatee malkaa saaqee booda. Haalli itti gara irreeffannaa deemanis akkaafi akkaataa qaba. Oggaa gara Irreeffannaa deemamu durba duudaatu dura deema, isaanitti aansee hawwantu deema, achii Abbaa Malkaafi Abbootii Gadaatu deema.

Foolleen ammoo weeddisaafi sirbaa Abbaa Malkaafi Abbootii Gadaa duuba deemu. Durba duudaa of dura oofuun hiika qaba. Hiiknisaa ijoolleen durbaa qulqulluu ykn sabiyyiidha waan jedhamuuf akka milkii gaariitti ilaalama.

Hanqinoonni Ayyaana Irreechaarratti mul’atan akka guutamaniif abbootiin Gadaa xiyyeeffannaan irratti hojjechuu qabu. Akka waliigalaatti yoo ilaalle garuu haalli ayyaanni Irreechaa itti kabajamaa jiru daran bareeda.

Ayyaanni Irreechaa dinagdee biyyaa utubuu keessattis hiika guddaa qaba. Uffannaa aadaa qoheessuufi gurguruun madda galii guddaa ta’eera. Guyyaa ayyaanichaa galiin nyaataafi dhugaatiirraa argamus guddaadha.

Ayyaana Irreechaarratti ummanni miliyoona ja’a ta’utu hirmaata. Ummanni kun yoo



xiqqaate qarshii kudhan kudhan yoo baase qarshii miliyoona meeqa akka argamu tilmaamuun nama hinrakkisu. Namoonni keenya galii ayyaanicharra argamurraa fayyadamuuf qophaa’oofi dammaqoo ta’uu qabu.

Namoonni keenya baay’een bizinasii keessa waan hinjirreef, warri kaan ammoo beekaa balbala waan cufataniif namoonni keenya ayyaana Irreechaarratti hirmaachaa turan beela’aafi dheebochaa turan. Yeroo ammaa garuu ayyaanichi madda galii gaddaa ta’uunsaa hubatamee waggaa waggaan hundumtuu abdiidhaan eeggachaa jira. Waanti nyaatamuufi dhugamus daandiirra guuteera. Ayyaanichi namoota hedduufis carraa hojii uumaa jira.

Lakkoofsi tuuristoota ayyaanicharratti hirmaataniis waggaa waggaan dabalaa jira. Jilli namoota hammana baay’atu hirmaachisu addunyaarra hinjiru. Kun ammoo turistoonni hedduun ayyaanicharratti akka hirmaatan gochuun dinagdee biyyaa utubuu keessattillee gahee guddaa qaba. Aadaafi duudhaa irreechaa eeguun turistoota daran hawwachuurra darbee sochii Ayyyaana Irreechaa ‘UNESCO’tti galmeessisuuf eegalame milkeessuu keessattis gahee olaanaa qaba.

Ayyaanni Irreechaa ulaagaa ‘UNESCO’ sirriitti ni guuta. Taateen bara 2009 Ayyaana Irreechaarratti ta’e garuu addunyaa kan rifaasise ture. Gaaffii ‘UNESCO’n jalqabatti kaasu keessaa inni tokko “Ayyaanichi dhala namaatiif maal buusa?” kan jedhuudha. Kanaafuu ayyaanicharratti sirriitti irratti hojjechuufi warra waa’ee irreechaa hinbeekne hubachiisuun barbaachisaadha.

Ayyaanichi ulaagaalee ‘UNESCO’n kaa’u akka guutuuf hayyoonni sirriitti gad qabanii barreessanii hojjechuu qabu. Irreechi ayyaana Waaqa galateeffannaafi kadhannaafi itti waleebbisaniifi hawwii gaarii waliif ibsan ta’uusaas hubachiisuu qabu. Mootummaanis dhimma kanaaf xiyyeeffannaa kennee irratti hojjechuu qaba.

# Ilaamee...

## Hojii jalqabuu manneen maree lamaanii ilaalchisee haasaa Pirezdaanti Saahilawarqi Zawudee keessaa

**Bayyanaa Ibraahimiin**

Sirni baniinsa yaa'ii waloo Manneen Marii Bakka bu'oota Ummataafi Federeshinii 6ffaa bara hojii 3ffaa Wiixata darbe adeemsifameera. Kanarrattis Pirezidaantiin RFDI Saahilawarqi Zawudee haasaa baniinsa taasisaniiru. Nutis haasaasaanii keessaa dameewwan addaddaatiin qooduun maxxansaaf akka tolutti dhiheessineerra.



**Gama Siyaasaatiin**

Seenaa biyyi teenya waggoota dheeraa keessatti dabarsitee as geesse boodatti deebinee yommuu ilaallu, haalota garagaraa hubachuu dandeenya. Kanneen keessaa immoo tokkummaadhaan rakkoolee hedduu waliin ceenee birmadummaa keenya mirkaneessuu danda'uun, wal kabajuufi wal danda'uudhaan waggoota dheeraaf waliin jiraachuun, miira sabdaneessummaatiin dhaabbachuudhaan diina biyya weeraruufi jilbeenfachiisuuf dhufe qaaneessanii deebisuuniifi qaroomina addunyaa durii keessatti maqaa kan argatan falaasamaafi ibsituuwwan eenyummaa hedduus horachuu danda'uun seenaa waggoota dheeraa keessatti imala waliin jireenyaa keenya agarsiisan keessaa isaan muraasaadha.

Fakkeenyaaf diinaaf jilbeenffachuu diduutiin addunyaarratti fakkeenya ta'uun qabsoofi fincila mirga walqixxummaa gonfachuu ummata gurraachaa hundaaf daandii saaqnee jirra.

Itoophiyaa keessatti yeroo ammaa kana jijjiiramni badhaadhinaa haaraa eegalamuu qofaa osoo hintaane, daandiin badhaadhinaa haaraas banamee jira. Boqonnaan jijjiiramaa yeroo ammaa akka biyyaatti eegalame kun immoo garee muraasaa qofaaf, yookiin immoo naannawa murtaa'e tokko qofaaf osoo hintaane, boqonnaa jijjiirama hunda keenyaati.

Ilaalchaan dhimmoota hedduu irratti waliigaluus galuu dhiisuus dandeenya. Haa ta'uu malee carraan dhufe kun kan biyyaati. Kan dhaloota boodaa dhufuutis. Kana waan ta'eefis dhimmoota irratti waliif galuu dadhabne bulfannee, isa har'a harka keenya jiru tikfannee imala jijjiirama biyyattii kana dhugoomsuu qabna.

Biyyoota addunyaa guddatan yommuu ilaallus daandiin isaan irra adeemanii iddoo amma jiran ittiin qaqqabuu danda'an isuma nutu har'a irra tirachaa jirru kana akka ta'es dagachuu hinqabnu. Biyyootni kunneen sadarkaa guddinaa kanarra kan gahan garaa gartee ilaachaa waan hinqabneef miti. Garaagarummaasaanii waliif kabajuudhaaniifi garaagartee siyaasaa jiru immoo bifa walitti bu'iinsarraa bilisa ta'eeniifi mariidhaan furachuu aadaa waan taasifataniif qofaadha.

Dhalli namaa garaagarummaa aadaa, ilaalcha siyaasaa, koorniyaa, bifaafi amantii akka qabu hubatanii, garaagarummaa walii kana waliif kabajuudhaan dhimmoota waliif nu galchan irratti ejjannoo tokko horachuun imala guddina badhaadhinaa eegalame fiixaan baasuun ga'ee tokko tokkoo Itoophiyaanotaa ta'uu qaba.

Kaleessi keenya borii keenyaaf gufuu ta'uu hinqabu. Kaleessi keenya kan dogongoroota turan irraa barannee fooyyeessinuufi milkiiwwan keenya immoo cimsinee itti fufsiifnu ta'uu qabu malee kan har'a boodatti deebinee irratti walitti buunu ta'uun isarra hinjiraatu. Kana waan ta'eefis, waliin mari'achaa, walii keenya dhaggeeffachaafi yaadaaf iddoo kennaa deemuu qabna.

Waraanni hamaa kaaba Itoophiyaatti waggoota lamaaf gaggeeffama ture walii galtee araaraatiin akka furamu taasifameera. Rakkoo waraanaa kana bifa mariifi nageenyaatiin furuu kana keessatti immoo bifa kanaan dura barameen qaamota alaa affeeruun osoo hintaane "rakkoo Afrikaatiif furmaata Afrikaa" yaadama jedhu hojirra oolchuudhaan bu'aa qabatamaasaas baruun danda'ameera. Yeroo ammaa kana immoo waliigalteewwan araaraa sun yeroo gara hojiitti itti geeddaramaa jiraniifi akka biyyaattis barnootni guddaan kan irraa fudhatamuudha.

Waraana kaaba biyyattiitti waggoota lamaaf adeemsifamaa ture bifa naga qabeessaafi mariitiin furuun keenya immoo, dararaafi du'a lammiilee kan dhaabsise qofaa osoo hintaane, ummata naannawa waraanaa sana keessa jiraachaa tureef abdii gaarii kan kennu ture.

Gama biraatiin barnootni cimaan kanarraa fudhatamuu qabu yoo jiraate, kanaan boodas garaagarteen siyaasaa jiraannaan filannoo gara waraanaatti galuu osoo hintaane, filannoon garaagartee uumame bifa mariifi karaa nageenyaatiin furuu dursa argachuu akka qabuudha.

Kanaanis mootummaan jijjiiramaa kun garaagarteewwan siyaasaa uumamaniin gara waraanatti galuu osoo hintaane, qaama kamiyyuu waliin taa'ee mariidhaan garaagarummaa jiru kamiyyuu furuudhaaf kutannoo guddaa akka qabu qabatamaan agarsiisaa kan jiruufi.

Yeroo kamiyyuu taanaan yeroon mariifi nageenyaaf darbu jiraachuu hinqabu. Mari'annee dhimmoota garagaraa irratti waliif galuu yoo dadhabneyyuu waraanni akka furmaataatti fudhatamuun isarra hinjiraatu. Sababnisaas; garaagartee mariin furuun dadhabamee gara waraanaatti yoo galle kan injifatu qaama tokko qofaa yemmuu ta'u, dhimmicha mariin furuun garuu qaamota gama lamaanuu mo'ataa kan taasisuudha.

Waldhabdeewwan kamiyyuu bifa mariifi araaraatiin yemmuu furaman kan injifatu hunda keenya ta'uusaafi bu'aan achirraa argamus kan hunduma keenyaa ta'uu dagachuun hin barbaachisu. Kanaaf waldhabdeewwaniifi komiiwwan iddoowwan garagaraatti uumaman hundaaf wal waraansa osoo hintaane, karaa nagaafi mariitiin furuu caalaa malli gaariin akka hinjirre hubachuun dirqama.

Garaagarummaa yaadaafi ilaalchaa waggoota dheeraadhaaf akka biyyatti turan walitti araarsuufi dadhabamnaanis walitti dhiheessuuf komishiiniin maree biyyaaleessaa hundaa'ee sochii keessa galeera. Kun immoo garaagarteewwan tanaan dura turan walitti dhiheessuun, dogoggoroota turan sirreessuun carraan biyyattii gara fuula duraa harka keenyarra akka jiraatu taasisa.

Seenaa keenya isa darbe keessatti carraawwan nu darbaa turan sun ammas dabalamuu hinqaban. Aadaan gadheen nuti horanne garuu, carroota harka keenya keessa turanitti fayyadamuu dhabuudhaan erga isaan nu darbaniin booda quba of nyaachuun ykn gaabbuun dhaabbachuu qaba.

Mariin biyyaaleessaa kun kan badiiwwan tanaan dura dabarsine irratti sirreeffannu, kan irratti walii galuu dadhabnerratti walii galu yoo dadhabame immoo walitti dhihaannu, ilaalchota bitaafi mirgatti hiixatanii turan gara gidduutti akka dhufan kan itti taasifamu, biyya hunda keenyaaf taatu hundeessuudhaaf bu'uura kan itti keenyuufi walii galuudhaaniifi walamantaadhaan yeroo biyya bu'uura cimaa irratti ijaaramte dhugoomsinu, yeroo murteessaafi seena qabeessa keessa jirra.

Komishiniin marii biyyaaleessaa kun yeroo ammaa boqonnaa qophii xumuruudhaan bara kana gara boqonnaa mariitti kan ce'u yemmuu ta'u, mariin kun immoo garaagarteewwan keenya dhiphisuudhaaf carraa guddaa kan uumu, waliin jiireenya keenya cimsinee rakkoowwan ijaarsa biyyaa keessatti uumaman furruufi biyya tasgabboofteefi tokkummaa cimaa qabdu ijaaruudhaaf carraa gaarii kan uumuudha.

Itoophiyaan hunda keenya fakkaatuufi hundi keenya immoo qixa keessatti hirmaannuufi irraayyis fayyadamnu uumuudhaaf irratti walii gallee waliin hojjannu taasisuudhaafis carraa gaarii kan uumuudha. Kana waan ta'eef, komishiinichi kaayyoo qabameef kana akka galmaan gahatuufi abdii irratti gatames akka dhugoomsuuf deeggarsa hunda keenyaattu barbaachisa.

Wanti biraa immoo marii biyyaaleessaa kanaan walqabatee wanti beekamuu qabu, waltajjii marii biyyooleessaa kanarraa qaamni kamuu hir'achuu hinqabu. Qaamni Itoophiyaa irraa gahee qabu kamiyyuu achirratti hirmaachutu isarra jiraata. Maaliif yoo jedhame immoo dhimmi haasa'aa jirru dhimma biyyaati, dhimma biyya tattaaffii hunda keenyaan ijaaramteefi hunda keenya fakkaatu ijaaruu waan ta'eef, waa'ee mana hunda keenyaaf taatu ijaarachuu, hanqinoota kaleessaa guuttannee har'a dhiifamaan ceenee boriif mana hunda keenyaaf taatu ijaarachuudhaaf bu'uura buusuuti waan ta'eef.

Hojmaata ijaarsa mootummaa hammayyaa ta'e diriirsuudhaaf wantoota barbaachisan keessaa inni ijoon marii biyyaaleessaa kana. Kana waan ta'eefis eenyulee marii kanarraa osoo hinhir'anne waa'ee biyya keenyaa irratti haa mari'annu, wal haa amannu, dhumarrattis hundi keenyaa waliin haa moonu. Itoophiyaanis haa mootu, yeroo sana qofaadha ijoollee keenyaaf seenaa dabarsuu qabnu kan horannu. Dhaloota yaadasaa afaan qawweetiin osoo hintaane, mariidhaan amansiisee hojirra oolfatu uumuu dandeenya.

**Gama Hawaasummaatiin**

Damee barnootaa irratti jijjiiramootni waggoottan sadan darban mul'ataniifi bu'aawwan achirraayyis galmaa'uu eegalan baranas cimanii kan itti fufan yemmuu ta'u, bu'aan damee kanarratti galmaa'aa jiru kun immoo dhaloota egeree biyyattii murteessan beekumsaafi gahumsaan horachuuf kan nama gargaaru waan ta'eef jijjiiramootni damicha keessatti eegalamanis cimanii kan itti fufaniidha

**Gama Dinagdeetiin**

Mootummaan jijjiiramaa kun badhaadhina waloo mirkaneessuudhaaf waggoota sadiin dura karoora misoomaa waggoota kudhanii baafatee hojii keessa kan jiru yemmuu ta'u, waggoottan sadeen jalqabaa karoorichaatti (bara 2013 hanga 2015) tti damee hundaan bu'aan abdachiisaa ta'e mul'achaa jira.

Raawwii hojii bara darbee qofaa yemmuu ilaalluttis bifa walii galaatiin bu'aan abdachiisaa ta'e galmaa'eera. Haalota qormaanni itti baay'ateefi dhiibbaawwan garagaraa keessatti ciminaan hojjatamuusaatiin gufuuwwan turaniif osoo harka hinkenniin injifannee bira darbuu dandeenyee jirra.

Gara fuula duraatti kana caalaa cimnee hojjannaan immoo bu'aa kana caalu galmeessuun akka danda'amus barnootni irraa fudhatamee jira. Gama tokkoon qormaattota akka biyyatti nu qunnaman dandamachaa, gama biraatiin immoo qormaattota akka biyyatti nu qunnaman kanniin gara carraatti geeddara jijjiirama hangana gahu galmeessuun bu'aa guddaadha

Guddinni dinagdee waliigalaa waggoota sadeen darban keessatti galmeessaa turre baranas guddina dhibbanta 7.9 ta'e galmeessisuudhaaf dameewwan dinagdee hundarratti xiyyeeffannoon kennamee hojjatamaa jira. Omishtummaa damee qonnaa baroota darban ture baranaafis itti fufsiisuudhaan lafti hektaara miliyoona 22.1 ol ta'u ni qotama.

Lafa qotamu kanarraa immoo omisha kuntaala miliyoona 810 ta'u argachuudhaaf karoorfamee hojiitti galameera. Hawaasa galii gadaanaa qabu qoraa kan jiru qaala'iinsa jireenyaa kana hir'isuudhaaf immoo tarsiimoon fiisikaalaafi maallaqaa cimaa ta'e ni diriirfama.

Dabalataanis omishaafi omishtummaa dabaluudhaan qaala'iinsa jireenyaa sababa hanqina omishaatiin dhufu furuuf ni hojjatama.

Daldala alaa galu biyya keessatti bakka buusuudhaan saaxilamummaa hanqina sharafa alaa hir'isuuf ni hojjatama. Sassaabbii galii mootummaa guddisuudhaaf, bara kana galii taaksii irraa biliyoona 441 sassaabuudhaaf karoorfamee jira. Dabalataanis maddoota qabeenya alaa irraa bara bajataa kanatti qarshii biiliyoona 4.3 ta'u argachuuf karoorfameera.

Waggoota sadeen dhufan keessatti namoota miliyoona 9.15 ta'aniif carraan hojii kan uumamu yemmuu ta'u, bara bajataa keessa jirrutti lammiilee biyyattii miliyoona sadii ol ta'aniif carraa hojii uumuudhaaf karoorfamee gara hojiitti galameera.

Dabalataanis bara bajataa keessa jirrutti lammiileen biyyattii kuma 500 ta'an karaa seera qabeessa ta'een bobbaa hojii biyyoota alaa akka argataniif kan karoorfame yemmuu ta'u, kunis biyyoota baha giddu galeessaa shan keessatti kan raawwatamu ta'a.

Walumaagalatti, qormaattota waggoottan darbanitti nu mudatanirra barnoota fudhachaa, ciminoota turan cimsachaafi cimina keessoo keenyaa eeggachaa rakkoowwan akka biyyatti nu mudachuu malan hunda karaa mariifi araaraa qofaan furachaa biyya tasgabboofteefi tokkummaa cimaa ta'e qabdu horachuun ga'ee hunda keenyaati.

# Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaafi Inistitiyuutii Qorannoo Armaawar Hansan wajjin walta'uun torbanitti kan dhiyaatuudha

## Ahariin dhibeewwan daddarboo hintaaneen du'a qaqqabaa jiru to'achuuf hojjetaa jira

**Waasihun Takileetiin**

Akka ragaan Ministeera Fayyaarraa arganne ibsutti duuti dhibeewwan daddarboo hintaaneen qaqqabaa jiru yeroorraa yerootti dabalaa jira. Akka waliigalaatti duuti dhibbantaa 46 mudachaa jiru dhibeewwan daddarboo hintaanerraa kan ka'edha.

Dhibeewwan daddarboo hintaane kanaan rakkoo fayyaa qaqqabaa jiruun sadarkaa addunyaatti waggaa waggaan namoonni miliyoona 41 ta'an duuti isaan mudachaa jiraachuu ragaan Dhaabbata Fayyaa Addunyaarraa argame ni mul'isa.

Du'a dhibeewwan daddarboo hintaane kanaan sadarkaa addunyaatti mudatu keessaa dhibbantaan 85 biyyoota galii gadaanaafi giddugaleessaa argatan keessattidha. Fakkeenyaaf sadarkaa Itoophiyaatti qofa dhibeewwan daddarboo hintaaneefi du'a qaqqabsiisaa jiran keessaa dhibeen sukkaaraa, dhiibbaa dhiigaafi kanneen biroon dhibbantaa 43.3 olidha. Kun waan ta'eef dhibeewwan kanneen irratti xiyyeeffannoo kennanii hojjechuun murteessaa waan ta'eef Inistitiyuutiin Armaawar Hansan (Ahariin) of kennee hojiitti akka seenu ta'ee jira.

Fayyaan faaya kanjedhamu hawaasa dhibeerraa bilisa ta'e gaafa qabaatan waan ta'eef kana qolachuuf hojii qorannoofi qo'annoo rakkoo fayyaa kana hiikuu dandahurratti hayyota ga'umsa qaban hirmaachisuu, maallaqaan deggaruufi bu'aa qorannoo rakkoo hiikuu dandahu lafa qabsiisuuf Ahariin abbummaan socho'aa jira. Haaluma kanaan hudhaa kana furuuf waggoota afur dura Aharii keessatti kutaan dhimma kanarratti hojjetu hundahee hojiitti seenee jira jechuudha.

Dhibeewwan tokko tokko dhala namaa duwwaarratti kan daangahan osoo hintaane namarra bineensatti, bineensarraa namatti kan daddarban jiru; akka fakkeenyaatti dhibee Riiftivaalii Feever jedhamu kaasuun ni danda'ama.

Isa kanaaf furmaata qorannoon deggarame laachuuf daarektoreetii tokko jalatti ijaaruun akka irratti hojjetamu taasifameera. Kutaa kana keessti dhibeewwan akkasii namaratti, bineensotarratti, naannawaarratti, bishaanirratti, biyyeerratti dhiibbaa akkamii geesisu isa jedhuufis irratti hojjetama.

Hojii qorannoo akkasii kanneen hojjetan wiirtuu daarektoreetii fayyaa tokko jalatti kan ijaaraman haa ta'an malee amala hojichaan walqabatee kutaalee daarektoreetii mana hojichaa biroo waliinis qindoominaan kan hojjetanidha.

Daarektoreetichi dhala namaan alatti bineensotaafi biqilootarrattis dhibeewwan tatamsa'an (Zoonotic Diseases) kan akka BTB, Brucellosis, Riftvally Fever, Rabies, Q-Fever and Co-mers) irratti xiyyeeffannoo kennuun qorannoofi qo'annoo gaggeessa.

Kanamalees Ahariin hojii qorannoofi qo'annoo qulqullina qabu hojjechuufis dhaabbilee qorannoo biyya keessaafi alaa, yunivarsiitiiwwan, inistitiyuutiiwwan fayyaa hawaasaa garagaraa waliin qindaa'uun of kennee hojjetaa jira. Daarektoreetiin yaala kilinikaalaas ALAtti bara 2001 irraa kasee gurmaahee hojiitti akka seenu ta'eera.

Gama kanaanis talaallii, qorichoota, meeshaalee yaala fayyaa garagaraarratti qorannoo rakkoo fayyaa hiikuu danda'u hojjetaa jiru. Kanamalees hojiilee kalaqa meeshaalee yaala fayyaafi yaalii talaalliif ga'umsa qabu cimsuun tajaajila yaalamtootaaf kennamu guddisuuf Ahariin cichee kan hojjetudha.

Kanarraa kan ka'e meeshaaleen yaala fayyaa garagaraa kan kalaqaman yoo ta'u, inistitiyuutichi fayyaa hawaasaa lafa qabsiisuuf humna guutuun hojjetaa jiraachuu kan agarsiisudha.

Talaalliin tokko hojiirra osoo hinooliin dura adeemsawwan keessa darbuu qabuufi itti madaalamu qabu guutuunsaa adda baha. Kunis bineensotarratti yaalii jalqaba taasifamu yoo ta'u, bu'aa gaarii yoo argamsiise, gara namoota muraasaaf kennuutti darbama jechuudha. Namoota muraasarratti jijjiirama yoo agarsiise gara namoota hedduuf tajaajilarra oolchuutti deebihama. Kunimmoo qorannichi bu'aqabeessa ta'uufi fayyaa hawaasaaf ooluu kan qabuu kan mirkaneessu waan ta'eef bu'a qabeessadha jedhama.

Walumaagalatti Ahariin dhibeewwan daddarboo hintaaneefi hudhaa fayyaa hawaasaa ta'an irratti qorannoofi qo'annoo gadi fagoo hojjechuun hawaasa fayya buleessa horachuuf kan hojjetu waan ta'eef kabajni ni malaafi.

Inistitiyuutiin Qorannaa Armaawar Hansan (AHRI) Daandii Jimmaa, seensa Hospitaala Alartitti argama.
Lakkoofsa Saanduqa Poostaa 1005 Lakkoofsi Bilbilaa +25113483752 Imeelii:Info @ahari.gov.et Marsariitii: www.ahari.gov.et

# "Wanciidhaaf amma biiftuun...

**Obbo Dhaabaa:** Eeyyee. Jijjiirama as pirojektota hojjetanii eebbisiisuun akka kallattiitti kan taa'e. Kanaafis Finfinneetti yeroo pirojektonni Inxooxxoofi Shaggar hojjetaman gaafa gara naannootti ba'anis akka muuxannoo ta'anitti. Nutis kan qabannee kaane haala fakkeenya ta'uu danda'uuni.

Akka waliigalaatti kanarraa kan barannu pirojeektota meegaafis ta'e kamiifuu sababa dhiheessuun akka hindanda'amneedha. Sababammoo kan keessummeessu hoggansa. Hoggansi kontiraaktaroota hojicha hojjetan harkaa sababa fuudhee isa odeessuu osoo hintaane, humna ta'eefii iddoo isaan danqamanitti furmaata kaa'uufii qaba.

Fakkeenyaaf pirojektii Wancii-Dandii yoo fudhanne, beenyaan barbaachisu yeroodhaan akka kanfalamu, yoollee yeroodhaan kanfalamuu baate ummanni obsee akka eeguuf halkaniifi guyyaa qonnaan bulaa sana dubbisuu, amansiisuufi akka inni cina dhaabatu taasisaa turre.

Horiisaammoo jala jalaan kanfaluufi beeksisaa deemuun mirgisaa akka eegamu taasifne. Yeroo baay'ee oggaa pirojektiin hojjetamu mana murtii wajjin walqabata. Akka waanti akkanaa hinuumaneef kana kana hojjenne.

Inni biraan kontiraaktaroonni yeroo jedhanitti akka isaan fiixaan baasan guyyaa guyyaatti ni hordofamu, torban torbanitti ni qoratamu. Hanqinni yoo jiraate yeroodhuma sana falli ka'amaaf malee torbee ittaanutti rakkoo fuunee hinceenu. Kontiraaktaroonni, gorsitoonniifi bakka buutonni mootummaa bakka hojichi hojjetamutti gallee gadifageenyaan hordofna.

Inni biraa milkaa'ina pirojektichaaf hoggantoonni olaanaan of kennanii hojjetu. Pirojektii keenya abbummaadhaan kan hordofan Doktar Gadaa Olaanaa (Ministira Ittisa Biyyaa, Doktar Abrahaam Balaay) yoo xiqqaate torbanitti guyyaa tokko ni dhufu. Pirezidaantiin naannoo yoo xiqqaate ji'atti, akkasumas, ministirri muummeen yoo xiqqaate ji'a lamatti dhufanii ilaalu. Kallattii hoggansa olaanaarraa kennamu fudhanneemmoo fuulduratti deemna jechuudha.

Kanarraa egaa kan baratamu hoggansi akkaataa kamiin pirojektota akka hordofaa jiru, pirojektiin guyyaa jedhametti tajaajila ummataaf akka ooluuf kutannoon jiru muuxannoo argameedha jedheen yaada.

**Bariisaa: Pirojektiin kun tajaajila barbaadamurra oolee ummannis biyyis akka irraa fayyadamaniif eenyuurraa maaltu eegama jettu? Akka ergaatti waan dabarsitan yoo qabaattanis carraa isinii kennina.**

**Obbo Dhaabaa:** Egaa pirojektiin hojjetamuun manii miti. Akka ergaatti kanin dhaamu, Wanciin haaluma uumamasaarraa ka'ee lafa baay'ee loojii itti ijaarru hinqabu. Kanaaf kana booda ijaarsa loojii itti hinfufnu. Kan ta'uu qabu qonnaan bulaan haala mijeessee manasaa bulchee tajaajila barbaadamu akka argachuu danda'uudha. Kana babal'isuudha kan nuti barbaannu.

Kanaaf, ummanni naannawa haroo Wancii, harichi kansaa ta'uu hubatee, qabeenya uumamaa achi jiru hunda eegeefi kununsee jennaan eegame. Ammas caalaatti akka fayyadamuuf abbummaadhaan bishaanichas waan mootummaan achitti hojjetes eegee irraa fayyadamuu qaba. Fakkeenyaaf biyyoota boba'aa baasan boba'aasaanii kan eegu ummata. Nuufis kun boba'aan oli. Sababnisaa madda dinagdee hawaasa Wanciirra darbee akka aanaa, godinaafi naannoottillee pirojektii eegamuudha.

Inni biraa gaggessaan sadarkaa sadarkaarra jiru ittigaafatamasaa sirriitti ba'achuu qaba. Dargageessis yoo xiqqaate carraa hojii ittiin argataa waan jiruuf eeggachuu qaba. Inumaayyuu amma caalmaatti eeggachuun irra jiraata. Sababnisaas dargageessi yunivarsitiirraa eebbifamee ba'e baay'een carraa hojii ittiin argateera. Fuuldurattis gaafa humna namaa dabalachuuf yaadnu bakka biraarraa miti kan fidnu; isaanumatu gala.

Turistoonnis kunuunsa pirojektichaa keessatti gahee guddaa qabu. Akkuma irranatti kaasuuf yaale ikkoo turizimiin hojii ofeeggannoo cimaa barbaaduudha. Wancini akkuma uumamnisaa bareedu waan eeggatamuufi malu baay'ee ofirraa qaba. Waan qabatanii deeman waan akka pilaastikiifi balfawwan garagaraa tasumaa achitti gatuu hinqaban.

Eegumsi kanaaf qophaa'e akkuma jirutti ta'ee akkuma loomiin shantamni nama tokkoof ba'aa namoota 50f faaya ta'e, namni dhaqee Wancii daawwatu waa achitti gata jennee hin yaadnu.

Gama biraatiin milkaa'ina pirojektichaatiif Oromoos ta'e ummanni Itoophiyaa kaan waan humnasaa gumaacheera. Kanaaf pirojektiisaa kana dhaqee daawwachuu, kunuunsa gahaas taasisuufii qaba. Yoo akkas ta'e galiin barbaadamu irraa argamee madda muuxannoo akka ta'u shakkii hinqabu.

**Bariisaa: Agarsiisa Turizimii Godambaa Saayinsiitti Kibxata darbe banameefi ji'a tokkoof tururratti maal qabattanii dhihaattan?**

**Obbo Dhaabaa:** Hojiileen hamma yoonaa hojjetaman viidiyoodhaan agarsiisaaf dhihaataniiru. Omisha Wanciitti beekamu keessaas damma dhiheessineerra.

**Bariisaa: Pirojektii guddicha kana haala kamiin eebbisiisuuf qophiin taasifameera?**

**Obbo Dhaabaa:** Eebba kanaaf taateewwan guguddaatu qophaa'e. Kunis yoo xiqqaate torbee lama sadii tura. Utuu eebbi hinga'iin taateewwan adeemsifaman ni jiru. Lafti Wancii baddaa waan ta'eef atileetotaaf daran mijataadha. Kanaaf dorgommiin maaraatoonii dheerinawwan addaddaatiin jira jechuudha. Kanaafis Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa waliin qophiin eegalameera.

Kana malees Wanciifi Dandiin fardaan beekama. Kanaaf waldorgommiin fardaa ni jira. Darbees agarsiifni fardaa daran miidhagaa ta'e ni adeemsifama. Wancitti namni hundi yabaloo manaa qaba. Yoo xiqqaate yabaloowwan 200 ni jiru. Kanaaf agarsiifni yabaloo Haroo Wanciirratti ni adeemsifama.

Yeroo ijaarsi pirojektichaa eegalametti yabaloowwan kunniin alaabaa Abbaa Gadaa, Oromiyaafi Itoophiyaa qabatanii agarsiisa bareedaa ture kan agarsiisan. Eebbaan boodas taateewwan kunneen ittifufanii yeroo murtaa'eef kan adeemsifaman ta'u. Yoo xiqqaate waggaatti dorgommiin fiigichaa si'a lamaa sadii akka gaggeeffamuufi kunis sadarkaa addunyaatti akka baramuuf yaadameera. Akka waliigalaatti taateewwan Wancii-Dandii ibsan sagantaa eebbaatiin walqabachuun ni adeemsifamu.

Waliigala hojiin hojjetamaa jiru akkuma biyyaattuu fakkeenya kan ta'uudha. Fageenyisaas Finfinneerraa Sodaree waliin walqixxeedha. Yoo karaa Walisoo ykn Amboo deemame kiiloomeetira 140-150 fagaata. Kanaaf oolanii galuun ni danda'ama. Kanaaf aadaa bakkeewwan turizimii akkasii daawwachuu gabbifachuufi ijoollee keenyallee biyya barsiisuu akka qabnu ergaakoo dabarfachuun barbaada.

# "Haalli nageenyaafi naamusa Ayyaana Irreechaa daran nama gammachiisa"

*-Qeerroofi Qarree ayyaanicharratti hirmaatan*

**Natsaannat Taaddasaatiin**

Ayyaanni Irreecha Hora Finfinnee torban har'aa Finfinneefi Bishooftuuti haala miidhagaa, hawwataa, nagaa, duudhaafi safuusaa eegeen kabajameera. Nutis turtii Qeerroofi Qarreen Irreecha Hora Harsadiirratti hirmaatan Gaazexaa Bariisaa waliin taasisan akka arrmaan gadiitti qindeessineerra.

Dargaggoo Oliiqaa Keelloo Magaalaa Mojoorraa dhufe akka jedhutti, Irreecha Hora Finfinneefi Hora Harsadii baranaarratti kan hirmaate ta'uufi ayyaanonni bakkeewwan lamaanuu haala gaariifi hawwataa ta'een kabajamaniiru. Haalli nageenyaafi naamusa ayyaanichaa hundaa ol daran nama gammachiisa. Baay'ina hirmaattotaatiins kan waggoota darbanii ni caala.

Dargaggoonni warra umuriidhaan isaan caalan kabajuufi dhaga'uun ayyaanicharratti naamusa gaarii agarsiisuu eeree, bakka waldhiibbaan turettillee walii obsuun waldabarsaa turuu hima. Haalli sakatta'iinsaas kan duriirra daran gaariifi si'ataa turuu, foolleenis qaamolee nageenyaa wajjin ta'uun sakatta'aa turuu kaasee, walumaagalatti ayyaanichi duudhaafi safuusaatti deebi'aa jiraachuu ibsa.

"Haalli uffannaa aadaas daran kan namatti toluufi hawwatuudha. Dizaayininoonni uffannaafi faayawwan aadaas haala addaatiin fooyya'aa jiru. Hirmaattonni ayyaanichaa keessumaa dardarraniifi shamarran uffannaafi faayawwan aadaa dizaayiniinsaanii ammayyaa'een miidhaganii argamuun ayyaanichaafis miidhagina addaa kenneera. Ayyaanichi uffannaafi faayaawwan aadaa Oromoo addunyaatti beeksisuu keessattis gahee olaanaa qaba. Irreecha baranaa milkii guddaan kabajneerra. Waaqni fayyaafi nagaan kan bara dhufuun nu haaga'u" jedha.

Jiraataan Magaalaa Finfinnee Dargaggoo Tafarraa Asaffaas duudhaan jaalalaa, walhubannaa, tokkummaafi obbolummaa Ayyaana Irreecha baranaarratti mul'ate gara fuulduraattis cimee ittifufuu akka qabu hima.

Nageenya ayyaanichaa eegsisuuf sakatta'iinsi iddoowwan gara garaatti haala gaariin taasifamaa turuu himee, nama wantoota ayyaanichaaf sodaa ta'an fidee dhufes akka hinagarre ibsa. Foolleewwaniifi qaamolee nageenyaa nageenya ayyaanichaa mirkaneessuuf halkanii guyyaa hojjetaniif galanni guddaa akka isaaniif maluufi hojiin akkanaa fuulduraattis cimee Oromiyaa guutuutti ittifufuu akka qabu dhaama.

Shawaa Bahaa, Aanaa Boosetirraa kan dhufe Dargaggoo Abbishuu Lammaa gamasaatiin, Ayyaana Irreechaarratti erga hirmaachuu jalqabee baranni waggaa shanaffaa ta'uu himee, ayyaanichi dirree ittitokkummaan Oromoo mul'atu waan ta'eef yoomiyyuu hafuu akka hinbarbaadne dubbata. Dargaggoonni kanaan dura ayyaanicharratti hirmaatanii hinbeekne isa dhaga'anirra qaamaan argamanii ittigammaduuf isa ittaanuuf of qopheessuu qabu jedha.

"Haalli sakatta'iinsaa rakkisaadha ture. Namoonni baay'een daandiirratti qabamaafi



*Dargaggoo Oliiqaa Keelloo*

akka hindarbineef dhorkamaa turan. Barana garuu rakkoon kun furameera. Haalli nageenyaafi naamusasaa kan yeroo kamuurra namatti tola. Duudhaan ayyaanichaas nageenya, jaalala, araara, dhiifamaafi obbolummaa waan ta'eef cimee ittifufuu qaba" jedha.

Saboonniifi sablammoonni biyyattii Irreecha Oromoo waliin kabajuun hariiroo Oromoon saboota biroo waliin qabu jabeessuufi duudhaa obbolummaafi jaalalaa caalaatti cimsuuf akka gargaaru kaasa. Irreechi gabaabumatti duudhaasaa eeggatee akka ittifufuuf hunduu gaheesaa bahachuu akka qabus yaadachiiseera.

Irreechi eenyummaa, aadaafi tokkummaa Oromoo beeksisuu keessatti iddoo olaanaa akka qabuufi ayyaanichi amantiin waan nama hinqoodneef ummanni Oromoo akkasumas saboonniifi sablammoonni kanaan dura ayyaanicharratti hirmaatanii

hinbeekne kan bara dhufuurratti hirmaachuun gammachuufi jaalala ayyaanichaa akka qooddatanis waamicha dhiyeesseera.

Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Fantaalleerraa kan dhufe Dargaggoo Lalisaa Barcoo Boruu akka jedhutti, tokkummaafi jaalalli Irreecha baranaarratti haalaan mul'ateera. Isaanis uffannaafi faayaawwan aadaatiin miidhaganii bakka lamaanittuu hirmaataniiru. Sabaafi sablammoonni biroonis ayyaanicha Oromoo waliin miidhaganii miira gammachuu, nagaa, jaalalaafi tokkummaatiin kabajaniiru. Ayyaanichi waltajjii Oromoon godinaaleefi bakkeewwan gara garaa jiraatu irratti walargu, waliin gammaduufi hawwii gaarii qabu ittiwalii ibsuudha.

Dargaggoonni ayyaanicharratti sirbaa, ragadaafi dhiichisaa gammachuusaanii ibsachaa turuu kan himu dargaggoon kun, barootа darban rakkoon geejjibaafi daandiirratti nama rakkisuun waan tureef namoonni ayyaanicharratti hirmaachuuf rakkachaa turuu dubbata.

Rakkoon kun barana haala gaariin furamuusaafi rakkoo daandiirratti hirmaattota ayyaanichaa mudate akka hinargineefi hindhageenye ibsa. Ayyaana



*Dargaggoo Lalisaa Barcoo Boruu*

Irreechaa baranaa ilaalchisuun Finfinnee keessattis ta'e Bishooftuutti daandiiwwan guguddoon ummataaf ykn hirmaattota ayyaanichaaf gadlakkifamuu kaasu.

"Haalli nageenyaa baay'ee gaarii ture. Qaamoleen nageenyaas nageenya ayyaanichaa eegsisuu qofarratti xiyyeeffatanii keessummeessaa waan turaniif ayyaanichi milkiidhaan akka xumuramuuf galata guddaa qabu" jedha.

Finfinneetti rakkoon iddoo bultii hirmaattota ayyaanichaa waan mudateef dargaggoonni bakkuma dhiichisaa oolan buluun namoonni tokko tokko hannaaf saaxilamaniiru kan jedhu dargaggoon kun, fuulduratti hirmaattota jala bultii ayyaanichaatti Finfinnee seenaniif iddoon bultii utuu mijateefii gaarii ta'uu kaasa. Nageenyiifi qabeenyi ummataas caalaatti eegamuu waan qabuuf hanqina kana furuurratti utuu xiyyeeffatamee hojjetamee gaariidha jedha.

"Oromoon galii ayyaana irreechaarraa argamutti fayyadamuuf dammaqee hojjechuu qaba. Ummanni Oromoo baasii ayyaanicharratti baasu walirratti baasee deebi'ee walirraa fayyadamuu qaba. Qabeenyi nuti qabnu walii qooduun deebinee ittiin wal ijaaruufi tokkummaa keenya cimsuu qabna. Magaalaan Finfinneefi Bishooftuu gaafa ayyaanichaa qofa Oromoo fakkaachuu qabu osoo hintaane aadaan itti fufiinsaan magaalota kanneenittu calaqqisuu qaba. Magaalota kunneen keessa wantoonni Oromoofi aadaasaa ibsan bal'inaan jiraachuu qabu" jedha.

Ayyaanni irreechaa waltajjii aadaan, jaalalliifi tokkummaan Oromoo itti mul'atuufi ittileellifamuudha kan jedhu Dargaggoo Lalisaan, guddummaan sabichaa ayyaana irreechaarratti mul'ata. Ayyaanichi waltajjii ummanni Oromoo godinaalee gara garaarra jiru irratti walargu, aadaasaa itti waljijjiiru, tokkummaasaa itti jabeeffatuufi mul'isudha.

Akka inni jedhutti, namni tokko gaafa wal baru jaalallisaa dabalaa deema; jaalalaafi tokkummaa keenya caalaatti cimsachaa

Gara fuula 14tti

Suurri: Natsaannat Taaddasaatiin



*Dargaggoo Tafarraa Asaffaa*



*Dargaggoo Abbishuu Lammaa*



*Shamarree Hayaat Arabaat*



*Siifan Ambassee*



*Shamarree Seenaa Tasfaayee*

# ODUU

## Pirojektii Ikkoo…

ijaarsawwan garagaraa daran ammayyaa'oo kan of keessaa qabu ta'uu himanii, xumuramuun pirojektichaa aanaalee Wanciifi Dandii qofaaf osoo hintaane godina, naannoofi biyyaafillee faayidaa olaanaa akka qabuufi turizimii biyyattiirratti sadarkaa tokko kan dabalu ta'uu ibsu.

Pirojektii ikkoo turizimii Wancii-Dandii adda kan taasisu haala taa'umsa lafaafi uumama naannawichaa osoo hinjijjiiriin sona itti dabaluun hojjetamuusaa ta'uu kan himan Obbo Dhaabaan, haala seenaa jireenya hawaasa naannawichaa jijjiiruufi fayyadamaa taasisuun hojjetamuu kaasu. Hordooffiifi deeggarsi mootummaas olaanaa ta'uufi qaamni pirojekticha gaggeessullee halkanii guyyaa hojjechuun dandeettiin pirojektota dafanii xumuruu kan ittimul'ate ta'uu dubbatu.

Eebba pirojektichaatiif koreen dhaabatee taateewwan guguddoon qophaa'aa jiraachuu himanii, kunis yoo xiqqaate torbee lamaa hanga sadii akka turuufi utuu eebbi hinga'iin qophiileen adeemsifaman jiraachuu ibsu. Lafti Wancii baddaa waan ta'eef atileetotaaf daran mijataa ta'uusaatiin dorgommiin maaraatoonii dheerinawwan addaddaatiin akka gaggeeffamuufi kanaafis Federeeshinii Atileetiksii Itoophiyaa waliin qophiin eegalamuu dubbatu.

"Kana malees Wanciifi Dandiin fardaan beekama. Kanaaf waldorgommiin fardaa ni jira. Darbees agarsiisni fardaa daran miidhagaa ta'e ni adeemsifama. Wancitti namni hundi yabaloo manaa qaba. Yoo xiqqaate yabaloowwan 200 ni jiru. Kanaaf agarsiisni yabaloo Haroo Wanciirratti ni adeemsifama" jedhu.

Eebbaan boodas taateewwan kunneen ittifufanii yeroo murtaa'eef kan adeemsifaman ta'uu kan himan Obbo Dhaabaan, yoo xiqqaate waggaatti dorgommiin fiigichaa si'a lamaa sadii akka gaggeeffamuufi kunis sadarkaa addunyaatti akka baramuuf yaadamuu eeru.

Akka waliigalaatti taateewwan Wancii-Dandii ibsan sagantaa eebbaatiin walqabachuun ni adeemsifamu. Hojiin ijaarsa Haroo Dandiifi magaalaa turizimii marsaadhaan ittifufu.

Pirojeektichi guutummaatti hirmaannaa ummataatiin waan ijaarameef hawaasni hundi qooda keessaa qabaachuu kaasanii, kunuunsuufi eeguunis kan mootummaafi hawaasa naannawaa qofa akka hintaane hubatamee hunduu qoodasaa akka bahatu darbees aadaa daawwachuusaa gabbifachuun dhaloota biyya barsiisuu akka qabu dhaamu.

Ijaarsa pirojektichaatiin namoonni kuma lamaa ol carraa hojii argachuusaanii kaasanii, yommuu tajaajilatti seenamummoo namoonni 700 ta'an carraa hojii dhaabbii marsaa jalqabaaf akka argatan eeru.

## "Federaalizmiin sabdaneessaa sirna…

sirna federaalizimii sabdaneessaa ilaalchisanii Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa waliin turtii taasisaniiru.

Mirga sirni kun ummattoota biyyattiif kennurraa ka'uun qaamotni jalqabumaa jalqabanii sirnicha mormaa as ga'an jiraachuu himanii; gama kaaniin mootummaan ADWUI qajeelfama sirna federaalizimii qofaan ummata quufsaa qabatamaatti garuu beelessaa waan tureef namuu sirnicha akka jibbu taasiseera. Namni mirga argachuu malu gurraan dhaga'ee ittijiraachuu dhorkamuun mufii guddaa uumee turuus yaadachiisaniiru.

Dimokraasiin dheebuu ummattoota biyyattii ta'uusaafi sosochii qabsoo barattootaa bara 1960mootaa kaasuun barbaachisaadha. Sosochicha keessatti gaaffii lafaatti aansee waa'een eenyummaa isa jabaa ture. Boodarras gaaffiin kun fiixee ga'ee Oromoo keessatti ABO, Sidaamaatti Adda Bilisa Baasaa Ummata Sidaamaa, Tigraayitti ABUT wayita dhalatan Eertiraan Itoophiyaarraa akka adda baatu sababa ta'eera.

Kana malees, Itoophiyaa bakkawwan heddutti qabsaa'otni mirgaafi eenyummaa hidhannoon deeggaraman akka biqilaniif bu'uura buusuu Obbo Garasuun yaadachiisaniiru. Falmii hidhannootiin deeggarame kanaan lubbuun kumaatamootaa achi buuteen dhabameera. Akka ibsasaaniitti, namootni kaleessarra har'a waa'ee sirnaa mitii waa'ee biyyaayyuu hubataa jiru.

Akka namootni qeeqan sirni federaalizimii sabdaneessaa, jaalala biyyaa kan xiqqeessu osoo hintaane kan jabeessuudha. Kaleessa waan namoonni baay'een moggaatti dhiibamaniif jibbaafi jaalala biyyaa ture har'atti madaaluun haqarraa fagoodha.

Inumaayyuu Itoophiyaan namoota baay'eef orma ta'uutu qabsoo hidhannoo burqisiise. Kanaafuu, yaadni jaalalli biyyaa jabaa ture har'a qabbanaa'e jedhu kalaqa afaanfajeessuu oofamaa jiruudha.

"Sabootni baay'een jiraachuu biyya beekamtii hinkennineefi afaan saboota hedduu lagatte keessatti afaan kamiin itti himamee jaalalli ummattootni Itoophiyaa biyyaasaaniif qaban guddaa ture" yaadni jedhu asoosama gadi bu'aa ta'uu hubachiisaniiru.

Sirni federaalizimii sabdaneessaa hanqina qabaachuu danda'us biyya cunqursaan saboota sadarkaa hedduu keessa hulluuqeefi ummattootni garagaraa dachee ofiisaanii qabatanii irra jiraatan Itoophiyaatti sirna kanaa ala filannoon jiru balaa hamaa baroota darbanii fiduurra kan darbe bu'aa akka hinqabne ibsaniiru.

Yoo xiqqaate sirna kanaan ummattootni biyyattii afaaniifi aadaasaanii mul'ifachuu akka danda'an haala mijeesseefiira kanamalees eenyummaafi maalummaa biyyaa sirriitti akka hubatan isaan taasiseera.

Haa ta'u malee, hariiroo ummattootaa cimsuu, qajeelfamoota sirnichaa hojiirra oolchuufi fooyya'iinsa garaagaraa taasisuuratti hanqinni jiraachuu ibsanii; biyya Hindii keessatti heera mootummaa dabalatee wantota hedduu fooyyessuun sirna federaalizimii tasgabbaa'aa uumuu akkuma danda'ame fedhii ummataan rakkoo jiru ilaaluun barbaachisaadha jedhaniiru.

Qaamota qabsoo hidhannootti jiran dabalatee irra jireessi ummata biyyattii sirna federaalizimiin ala sirni bulchiinsaa biroo mata duree taasifatee hinbeeku kan jedhan Obbo Garasuun; falmiifi mufiin jiru sirna federaalizimii sabdaneessaa kana dimokraatessuu dhabuurratti waan ta'eef kanarratti hojjechuun dirqama akka ta'u hubachiisaniiru.

## "Garaagarummaa…

diina alaa biyyatti dhufe qolachuun birmadummaa itichuuf gargaarus sirna bulchiinsaa qaroome ijaaruurratti garuu hanqinni jiraachuu dubbatanii; ammaan booda Itoophiyaaf lammii falmii yaadaafi mariitti amanu qofa akka ta'e jala sararaniiru.

Waraanaan qaama tokko qofatu injifata, mariidhaan garuu qaama hundatu injifata kan jedhan Pirezidaanti Sahaalawarqi; dhaloota fedhiisaa mariifi marabbaan galmaan ga'uuf carraaqu horachuuf addunyaaf fakkeenya ta'uun dhimma hunda ilaallatu ta'uu hubachiisaniiru.

Amma biyyi boqonnaa cabiinsi mudate itti suphamu, garaagarummaan fiixee ba'e itti sirraturratti argamti jedhanii; waraanaan qaamni kamuu injifataa akka hintaane daandii irra dhufne duuba deebi'anii ilaaluun barbaachisaadhas jedhaniiru.

"Dhimma walii nu galchurratti walii galaa, dhimmoota murteessaarratti waliigaluun dadhabamerratti ammoo ummatni akka murteessu taasisaa addunyaa waliin tarkaanfachuun hojii manaa nama hundaa ta'uu qaba" jedhanii; murtee ummataaf bitamaa biyya fooyyofte dhaloota ittaanutti dabarsuuf miira ittigaafatamummaa qabuun hojjeechuun hundarraa akka eegamu ibsaniiru.

Biyyootni guddatan tokkummaarratti garaagarummaa yaadaa caalaa tokkummaarratti hojjechuun bakka har'a jiran ga'uu kaasanii; garaagarummaan yaadaa akkuma tokkummaa taatee uumamaa ta'uun hubatamee garaagarummaa akka faayaatti fayyadamuun murteessaa ta'uu eeraniiru.

## "Haalli nageenyaafi naamusa Ayyaana…

deemuuf ammoo ayyaana irreechaa waggaa waggaan kabajamurraa hafuu hinqabnu. Dargaggoonni kannaan dura ayyaanicharratti hirmaatanii hinbeeknes gara fuulduraatti irratti hirmaachuuf qophaa'uu akka qaban yaadachiiseera.

Godina Horroo Guduruu Wallaggaarraa kan dhufte Shamarree Seenaa Tasfaayee Irreecha bara darbees ta'e kan baranaarratti hirmaatteetti. Isheenis ayyaanichi haala nageenyasaatiin kan bara darbeerra daran akka namatti tolu himti.

Hundumtuu gammachuufi bilisummaa guutuudhaan irratti hirmaatee kabajuusaafi Irreechi ibsituu eenyummaafi aadaa Oromoo waan ta'eef daran akka jaalattuufi ittiin boontus kaasti.

"Hundumtuu nagaan dhufee ayyaaneffatee gara manasaatti deebi'eera. Hirmaattonni ayyaanichaa uffannaafi faayawwan aadaatiin miidhaganii dhufuun ammoo hawwatummaan ayyaanichaa akka dabalu taasiseera.

Tokkummaa, mariifi waldhaga'uun jiraannaan rakkoon hinfuramne tokkoyyuu hinjiru. Kanaafuu tokkummaan, jaalalli, waldhaga'uufi miirri obbolummaa waltajjii irreecha baranaarratti mul'ate gara fuulduraatti guutummaa Oromiyaatti cimee ittifufuu qaba" jetti.

Finfinneerraa Siifan Ambassees nageenya irreechaa mirkaneessuuf hojiin gama mootummaatiin raawwatame daran akka nama gammachiisu kaastee, keessumaa simannaan Finfinneetti hirmaattotaaf taasifame baay'ee akka namatti toluufi hirmaattonni fageenyarraa dhufan hedduun dirreerra buluun garuu dhimma ittiyaadamuu qabu ta'uu himti.

Ayyaanni Irreechaa uffannaafi faayaawwan aadaa Oromoo guddisuu, ammayyeessuu, beeksisuufi Oromoon uffannaafi faayaawwan aadaasaa bal'inaan akka uffatu taasisuu keessatti gahee olaanaa qaba kan jettu shamarreen kun, dizaayiniin uffannaafi faayaawwan aadaa fooyyessuufi ammayyeessuun aadaafi duudhaa keessaa akka hinbaaneef of eegganoo cimaan taasifamuu qaba. Namoota dhuunfaafi waldaalee uffannaafi faayaawwan aadaa Oromoo hodhuufi hojjechuurratti bobba'aniifis leenjiifi barsiifni hubannoo gabbisuu utuu kennameefii gaariidha jetti.

Ayyaanni Irreechaa waltajjii ummanni Oromoo godinaalee Oromiyaafi biyya alaa jiran illee dhufanii irratti wal argan waan ta'eef tokkummaa Oromoo cimsuu keessattillee gahee olaanaa akka qabu himtee, ayyaanni irreechaa akkuma duudhaasaa waltajjii araaraa, dhiifamaa, nageenyaa, jaalalaafi obbolummaan itti calaqqisu ta'ee akka itti fufuuf hundumtuu gahee irraa eegamu bahachuu akka qabu dhaamti. Hojii foolleen qaamolee nageenyaa waliin ta'uun dhimma nageenyaarratti hojjechaa jiranis cimee itti fufuu akka qabuus ergaa dabarsiteetti.

Irreechi ayyaana waggaa yoom naaf ga'a jedhamee abdiidhaan eegamuu ta'uufi waltajjii eenyummaafi tokkummaan Oromoo irratti mul'atu waan ta'eef Qeerroofi Qarreen kanaan dura ayyaanicharratti hirmaatanii hinbeekne bara dhufurraa eegalanii irratti hirmaachuuf akka qophaa'aniif dhamteetti.

Godina Baaleerraa kan dhufte Shamarree Hayaat Arabaat akka jettetti, Irreechi araara, dhiifama, jaalalaafi nagaadha. Ayyaanni Irreechaa baranaas jala bultiisaarraa kaasee haala duudhaasaa eegeen bakka lamaanittuu nagaan kabajameera. Isheenis barana Ayyaana Hora Finfinneefi Hora Harsadiirratti hirmaatteetti. Ayyaanni baranaa akka milkaa'uuf qaamolee dursanii qophii gara garaa taasisaa turan ammoo galata guddaatu isaanif mala jetti.

Irreecha jechuun nageenya inni jedhu qabatamaan mul'ateera kan jettu Shamarree Hayaat, dargaggoonnis nageenyi Ayyaana Irreechaa baranaarratti mul'ate guutuu Oromiyaatti akka babal'atuuf qaamolee nageenyaa waliin hojjechuu, tokkummaasaanii jabeeffatanii nageenya naannawaasaaniis eeguu akka qaban yaadachiifteetti.

Ispoortii BARIISAA

# Gareen Biyyaalessa Dubartootaa Itoophiyaa umurii 20 gadii tapha deebiif qophaa'aa jira

**Dajanee Bulchaatiin**

Gareen Biyyaalessaa Dubartootaa Itoophiyaa umurii 20 gadii tapha gulaallii Waancaa Addunyaa jalqabaa Ikuwaatooriyaal Giinii wajjin taphachuuf gara Maalaabootti imaluun qixaan qabxii qooddatee gara biyyaatti deebi'uunsaa ni yaadatama.

Gareen leenjisaa Firewu Hayilagabreeliin durfamu kun Kibxata darberraa eegalee boqonnaa guyyaa tokkoo gochuun tapha marsaa lammaffaaf qophaa'aa jira. Taphattoota 25 duraan waamaman keessaa sadii hir'isuun lakkoofsa gareesaa gara 22tti kan gadi buuse yoo ta'u, goolii eegduu duraanii Mihirat Tasammaa garicha keessaa hir'isee Roomaan Ambaayee bakka buuseera.

Roobii darbemmoo dirree Akkaadaamii Ispoortii Itoophiyaatti sa'aatii 4:00 irraa eegalee shaakala sa'aatii lamaa kan taasise garichi, sochiiwwan tapha deebii keessatti isa gargaaru, keessumaa sarara duraarratti xiyyeeffannoo guddaadhaan hojjechaa jiraachuun ibsameera.



*Firewu Hayilagabreel*

Shaakalicharratti miseensi raawwachiiftuu hojii federeeshinichaa Aadde Haayizaa Rashiid argamuun taphattoota jajjabeessaniiru.



*Gareen Biyyaalessa Dubartootaa Itoophiyaa umrii 20 gadii wayita shaakala taasisaa jirutti*

Gareen Biyyaalessa Dubartootaa Itoophiyaa umurii 20 gadii Dilbata boruu Istaadiyeemii Abbabaa Biqilaatti tapha deebiisaa kan taphatu ta'a.




# Fiigichi Guddaan Itoophiyaa keessummaasaa kabajaa beeksise

**Dajanee Bulchaatiin**

Sofii Maalt Fiigicha Guddaa Itoophiyaa Biyyoolessaa kan bara 2016 km 10 akkuma barame hirmaattota biyya alaa heddu gara Itoophiyaatti fiduuf hojjechaa jira.

Bara 2016tti hirmaattota biyyoota kudhanii ol irraa dhufan galmeesaanii xumuraniiru.

Isaan keessaas Hindi, Biraazil, Keeniyaa, Yugaandaa, Afrikaa Kibbaa, Siwiizarlaandi, Ostiriyaa, Siwiidin, Noorweey, Jarman, Ayerlaandi, Ingiliziifi Ameerikaa ni argamu. Fiigicha fageenya dheeraatiin kan beekamtu lammii Afrikaa Kibbaa kan taate Eelaanaa Maayer, Sofii Maalti Fiigicha Guddaa Itoophiyaa bara 2016 Itoophiyaatti gaggeeffamurratti keessummaa kabajaa akka taatu beekameera.


Olompikii bara 1992 ALA Baarseloonaatti gaggeeffameen, falmii Atileet Daraartuu Tulluu waliin taasisaniin addatti kan yaadatamtu Maayer, dorgommicharratti sadarkaa lammaffaa bahuun meedaaliyaa meetii argachuunshee kan yaadatamuudha.

Sofii Maalti Fiigichi Guddaan Itoophiyaa bara 2016 kiiloo meetira 10 Sadaasa 9, bara 2016 mataduree, "Talaalliin daa'imman hundaaf" qajeelfama jedhu bu'uura godhachuun gaggeeffama.

# Atileetonni Itoophiyaa kaadhimamummaan dhiyaatan

**Dajanee Bulchaatiin**

Atileetiksiin Addunyaa akaakuu atileetiksii dubaraa cimtuu waggaatiin dorgomtoota xumuraa yeroo ibsu atileetotni Itoophiyaa lama kaadhimamtoota ciccimoo 11 filataman keessatti hammatamaniiru.




Dhiyeenya kana rikoordii maaraatoonii addunyaa kan cabsite Atileetiin Itoophiyaa Tigisti Asaffaa akkasumas riikardii meetira 5000 addunyaa kan cabsite Atileet Gudaaf Tsaggayee kaadhimamaniiru. Atileet Gudaaf barana rikoordii meetira 5000 addunyaa cabsuu bira darbee shaampiyoonaa meetira kuma 10 addunyaas ta'uunshee niyaadatama.

**Filannoon akkamiin gaggeeffama?**

Akka odeeffannoo Atileetiksii Addunyaatti, filannoon mo'attootaa koree atileetiksii addunyaafi maatii atileetiksii addunyaaf, sagaleen imeeliidhaan kennuun nidanda'ama.

**Deeggartoonni akkamitti sagalee kennuu danda'u?**

Deeggartoonni atileetiksii hundi suuraa atileetii jaalatan fuula miidiyaa hawaasaa Atileetiksii Addunyaarratti 'Facebook, YouTube'fi Inistaagraamirratti 'like' gochuun akkasumas "X" irratti riippoorti gochuun sagalee kennuu danda'u.

